Diima Aberraatiin BABOtti 1987

Seenaa Tiyaatiraa /History of the Theatre/

Gara waa'ee seenaa Tiyaatiraatti otoo hin seeniniin dura, hiikkaa jecha **Tiyaatiraa fi Diraamaa** jedhu beekuun barbaachisaa ta'a. Jechi Tiyaatira jedhu kan dhufe afaan laatiinii irraa yoo ta'u, innis, **tiitroon** jecha Jedhamurraa dhufe. kana jechuunis, Tiiroon jechuun iddoo waa itti ilaalan yookiin argan jechuudha.

Iddoon kunis, bakka taa'anii yookaan dhaabbatanii waa itti ilaalan yoo ta'u, mana keessas, manaan alasa ta'u mala. Wanti ilaalamu kunis, gochaa ilma namaatiin yookiin wanta birootiin raawwatamu ta'uu danda'a. Kana keessatti, wanti hubatamuu fi beekkamuu qabu.

1. *Wanti ilaallu jiraachuu isaa,*
2. *Wanti/gochi/ raawwatamu jiraachui isaa,*
3. *Iddoon gochi sun itti raawwatamu jiraachuu isaa.*

Kanarraa ka'uun, iddoon mana tiyaatiraatitti, wanti ilaalamuu fi taphatoonni/fakkattonni/, namoonni gocha raawwatamu san ilaalan, **daawwatoota** jedhamanii fudhatamuu ni danda'ama jedhamee yaadama. Wanti ilaalanis, waan nama

- *gammachiisu,*
- *jibbisiisu,*
- *naasiisu,*
- *wanta haarawaa fi waan nama kakaasu fi kkf ta'u ni danda'a.*

Jechi Diraamaa jedhamus ammoo, sochii/gocha/agarsiisu yoo ta'u, innis, akkuma tiyaatiraa afaan laatiinii irraa kan dhufee fi hiikkaan isaas gocha/action/ jechuudha.

Gochi/sochiin isaa,

1. *Iddoo tokkoo iddoo biraatitti socho'uu,*
2. *Luka, harka, mataa fuula dabalatee sochii qaama hundaa agarsiisaa.*

Kanarraa ka'uun, tiyaatirri mana Tiyaatiraa daawwattoota, taphattoota hunda kan agarsiisu ta'uu isaaf diraamaanis agarsiisa gochaan, taphattoon raawwatan ta'uu isaa nutti agarsiisa. Waa'ee jecha Tiyaatiraa fi Diraamaa hammana eega hubannee booda gara seenaa Tiyaatiratti kan deebinu ta'a. Seenaa Tiyaatiraa yoo jennu, addunyaa gubbatti yeroo durii irraa kaasee calqaba isaa fi haala guddina isaa/Tiyaatiraa/jechuudha.

Tiyaatirri,

- Akkamitti jalqabe?
- Maalirraa ka'ee akka guddattee fi
- Eessarra gahe kan jedhu hunda agarsiisa.

Waa'ee seenaa jalqabaa fi guddinna Tiyaatiraa ilaalchisee, yaadota gara garaa kan jiran yoo ta'u, isaan keessaa, inni, tokko bu'uurri /maddi/ Tiyaatiraa, amantaa, aadaa durii irraay kan jedhuudha. Dur namni icciittii addunyaa kanaa otoo tolchee keessa isaa hin baratin, gochaa fi jijjiirama uuma'aan godhamu ilaaluudhaan /arguudhaan/, kun maaliif ta'e jedhee yaadda'ee sodaataa ture. Fakkeenyaaf, dhihuu fi bari'uu, dukkanaa'uu fi ifuu, bubbisuu, bonu'uu fi roobuu, gigissuu fi felleqqisuu, qilee fi fincaawaa, tulluu, galaana dhufee fi garba ciisaa kkf hunda ilaaluun sodaatee yaada'aa ture.

Kanaaf, sodaa kana keessaa akka isaan baasu, hamtuun akka isaan hin qunnamne, uuma'aa-uumee isaa garaa laaffifachuuf, waan kennaa kennaamuuf horii hariirachuun/aarsaa/ godhuun sirna jila uumanii kadhatu. Sirni jilaa kunis, sirna amantaat. Sirna amantaa kan keessatti qabiyeen diraamaa muldhatu jiru. Sirna kun, yeroo raawwatan fuulatti haguuggachuun

kan isaan uumee galata galchaa turan. Gochi rawwatamu kunis, diraamaa of keessaa qabachuu isaa diraamaanis amantaa wajjiin kan wal qabate ta’uu isaa kan agarsiisu. Garuu, oolee, bulee adeemsa keessa amantaa fi diraamaan addaan bahuu jalqaban.

Falaasfaa Giriik kan ta’e, Arstootil bu’uura diraamaa uumaa amala namaa kan ta’e akkeessuuraayyi madde jedha. Itti fufuunis, akkeessuun, bu’uura gammachuu fi beekumsaat jedha. Karaa biraatiin, diraamaan seenessuu irraa madde warri jedhan jiru. Waan tokko seeneessuun, amala namaa waan ta’eef, seenessuun bu’uura jalqaba Tiyaatiratti kan jedhanis jiru.

kan malees, namoonni gosaan wal qoodanii lola/ waraana/ yoo adeemsiisan, gosti injifannoo goonfate, akkaataa waraanni itti gaggeeffame, akka itti moo’ate, haala waraanaa fakkeessanii akkeessuun gootummaa isaanii injifanno’oon booda ummataa isaaniitiif yoo dhiyeessan, bu’uurri Tiyaatiraa, inni guddaan haala kana keessaa madde kan jedhan jiru. Yaanni kanaaf kkf hunda haa dhiyaatu malee, yeroo ammaa qormaata adda addaa adeemsifameen fudhatama kan argaate bu’uurri diraamaa sochii amantaa aadaatiif godhamurraa madduu isaa irratti qorattoonni baayyeen waliigalu.

Haaluma kanaan, dura namni rakkaatee cinqii fi rakkoo itti dhufe keessaa bahuuf, gocha raawwaturraa **Tiraajediin** kan dhalate ta’uu isaa fi yoo rakkoo keessaa bahan dhiifama uumaan isaanii godheefiin, gammachuun sochii agarsiisan keessaa komediin argame jedhu. Dur mana mootummaa Faarsit sochiin amantaa yoo godhamu diraamaan baayee calaqisiifamaa ture. Akkasuma, biyya Gibtsii/Misiraa/ keessatti, gooftaa Osirasiif sirna awwaalchaa, moototaaf godhama’aa ture keessattis sochiin diraamaa baayee calaqisaa akka tures ni himama.

TIYAATIRA BIYYA GIRKII

Calqaba seenaa Tiyaatiraa ilaalchisee, namoonni baayeen yaada adda addaa haa kaasan malee hanga ammatti, akka beektonni qormaataan mirkaneessanitti, calqaba Tiyaatiraan biyyi maqaan ishii dhawamu/beekamu/Girkiidha. Dur biyyaa Giriikiitti namoonni gooftaa Dayonayisis jedhamu akka amantitti itti amanu ture. Gooftaan kunis, kan biqiltuu adda addaa biqilchu ykn magarsuu fi lalisiisuu waan ta'eef, sirna jilaa qopheessuun gooftaa kanatti amanu turan.

Sirni amantii isaanii kunis, sirna guddaadha. Gooftaa Dayonayisis kanaaf namoonni tuutaan taa'anii faaruu faarsu. Faaruun kunis, **Dittiram** jedhama. Faaruun kun duraan seeraa muuziqaa kan hin qabne yoo ta'u, turee, bulee barreeffama walaloo fi yadaloo godhatee nama tokkoon qindaaye qophaa'uun faaruu idilee ta'uu danda'eera. Booda keessas, faaruun kun namicha **Tesppis** jedhamuun, fooyya'ee gara tapheetti/diraamatti/ akka guddattu godhameera.

Seenaa taphee kana keessattis, namni dursee maqaan isaa waamamu namuma Tesppis jedhamu kana ta'eera. Namni Tesppis jedhamu kun, suuta suuta faaruu Ditiram, seenaa amantaa Dayonayisis irraa xinnoo jallisuun sochii diraamaa muldhise. Adeemsa kan keessatti, Tiyaatirri dhalatee guddachuu jalqabe. Adeemsa haala kanaan guutumaan guututti, waa'een Dayonyisis irraa yoo jallachuu baatullee, qabata Dayonayisisin waa'ee mata duree adda addaa kaasuun jalqabamuun dhaloota Kirstoos fuuldura gara jaarraa 600 keessaa Tiraajediin dhalatee beekame. Tiraajediin biyyaa Giriikitti keessatti, faaruu gaddaaf godhamu keessatti yadaloo nama gaddisiisuun, kitimaa Re'ee qopheessuun raawwatama'aa ture.

Tiraajediinis, faaruu kitimaa re'eetiin walsimatee beekamuu jalqabe. Tiraajediin sodaachaa yeroo kadhaa dhaqan kan faarsan agarsiisa. Koomediinis, akkuma Tiraajedii gooftaa Dayonayisis kanaaf, qaqqabate ta'etu quxisuummaan beekama. Faaruun koomedii kana yoo kadhatan,

deebi’anii abdii isaanii muldhisuuf gammachuun, fayyaa fi nagaya, lalisa fi kkf akka argatanitti faaruu muziqaatiin dhichisan. Tuutaan ta’anii gammachuun sochii rawwatan keessa, koomediin guddatee sochiin Dayonysisisiif godhamu gara Tiyaatirri guddate.

Jaarraa 13ffaa keessa jila garagaraa irratti waldorgommii garee adda addaa jidutti godhamu keessaa, diraamaan caalatti guddatee bu’aa agarsiise. Diraamaan dura dhaloonni isaa faaruu irratti kan hundaaye san booda Tesppis gara tapheetti kan ceesise. Eskilas barreeffama tiraajedii tapheen kan beekame Soofookilas lakkoofsa taphattootaa nama lamarraa gara saditti guddisuun fincilli akka cimuu fi sab-ta’uumsi akka cimu gochuun guddina Tiyaatiraa fi daandii saaquun diraamaan waa’ee dayonayisisirraa gara aadaa fi qabiyyee dhimma adda addaatti cehuun guddina muldhiseera. Jaarraa 13ffaa keessa jilli/feestivaalli/ waggatti si’a afur akka ta’u murta’ee kabajamu calqabe. Jilli kunis, faaruun qindaa’ee ji’a muddee, Amajjii, Gurraandhalaa fi Bitootessaa keessa yoo kabajamanis maqaa qabu.

Kan ji’a,

- *Muddee ..... Dayonayisis*
- *Ammajjii ..... Lenaya*
- *Gurraandhala ..... Antesteriya*
- *Bitootessaa ..... Studayonasiya* jedhamanii Waamamu.

Jila kana gubbatti waldorgommiin diraamaa baayinaan barreessitoota bar-tapheetiin qindaayee dhiyaata. Jila kana gubbatti nama qophii isaa /diraamaa/ dhiyeessu barbaadu dursee bulchaa magalaatti iyyata galfata. Qophii filatamee fi baasii barbaachiisaa ta’e hunda dureessoon beekamaa ta’an sadii maqaa isaaniif dirqama biyya isaaniitiif kan dhimmaman, barreessa tattaafii guddaa godhuuf mootummaan badhadhaasa kennuun hamilee jajjabeessa.

Adeemsa akkanaa keessa, booda Giriikii mana Tiyaatira baaxii hin qabne ijaaranii iddoo Tiyaatira ilaalan, lafa iddoo daawwattoonni taa’an, karaa gadii iddoo kitimaaf qopha’u, karaan olii iddoo daawwatoonni taa’anii ykn dhaabbatanii ilaalan. Tiyaatira kana keessatti, fakkattiin tokko fakkattii adda addaa /baayee/ bakka bu’ee taphata. Dhiirri, akka nadheenii taphata malee nadheen hin taphattu ture. Gochii godhamu xinnoo dhugarraa kan fagaate ta’ee sadarkaa umurii adda addaarra jiraatan fakkeessuuf haguuggataa fi mana tiyaatiraa uumuu danda’e. Kana malees, barreessitoonni addunyaa gubbatti hanga ammatti beekaman kan akka Esikiles, Sofookiles, Yuripdiyes. Orisofaniis kkf hundaa horeera/uumeera/.

- *Esikiles = 525 – 426 jiraate. Tiyaatiraa 70 barreessee 13n badhaasa argatee. 7/torba/ hanga ammattii addunyaa gubbatti beekamanii muldhatu. Tiyaatirri inni barreessus tiraajedii ta’ee qabiyeen isaas amantaa fi wanta addunyaa gubbatti raawwatu akkamitti akka walqabatu agarsiisaa.*
- *Soofokiles = 496 – 506 jiraate. Tiyaatiraa 100 ol barreessee 18n badhaasa argate. 7 hanga ammatti addunyaa gubbatti beekamanii muldhatu. Fakeenyaaf mootii Idipes isa tokkodha.*
- *Yuuripidiyes = 489 – 406 jiraate. Tiyaatira 92 barreessee 5niin badhaasa argate. 17 hanga ammatti addunyarratti beekamaa jiru. Hojii isaa keessatti kan calaqasamu amantaa gubbatti shakkii qabachuu isaati.*
- *Artistootil= 448 – 380 jiraate. Tiyaatiraa 50 ol barreessee 11 hanga ammatti addunyaa gubbatti beekamani jiru. Barreessa koomediin beekkama.*

Haala kanaan, Giriik keessatti tiyaatirri guddachaa adeemee booda amantaan waan addaan bahaniif dadhabuu calqabe.

TIYAATIRA ROOMAA

Bu’uurri Tiyaatira Roomaa, Tiyaatira Giriikirraa dhaalamee kan fudhatamee ta’ee ammaayyuummaa xinnoo qabaachuudhaan kan itti fufeedha. Roomaan bara mootummaa Konstaantinooppil hennaa amantiin kirsitaanaa guddachuu fi babal’achuu calqabu qaroominnii fi guddinni shii addunyaa gubbatti baayyee dagaagee beekamu hoggaa jalqabu, Tiyaatirris duraan Giriikitti dhalatee beekamama’aa ture, Roomaattis beekamee bobal’achuu calqabe. Dooyyaan Roomaa yeroo duraaf bar-taphee barreessaa biyya Giriiki kan ta’e, Liyaaviyis Andoroniksin Siileffame. Tiyaatirri biyyaa Roomaas akkuma Tiyaatira biyyaa Giriikii kan irratti hundaayee amantaadha.

Kan Roomaa garuu amantaa kirsitinaa waggaa keessatti guyyaa 175 jila adda addaa qopha’u keessaa guyyaan 48 Tiyaatirri waa’ee kabajamuu /ulfina/ gooftaa kirstoots ibsu ni dhiyaata. Manneen Tiyaatiraas kan Giriikirraa fakkeenyaa fudhachuudhaan fooyya’ee lafa diriiraa keessatti ijaaramee dooyyaanis, Orkesitiraa gar-tokkeen gingoo ta’ee, golgaa fi baaxii qaba. Manni tiyaatiraa kun altokkoon daawwattoota 10,000 – 15,000 qabachuu kan dand’uudha.

Baayina namaa irraa ka’uun, sababa ukkaamamaatiin xiraan/fooliin uumamu akka baduuf, waan urgaa’u jila adda addaa gubbatti fayyadamaa akka turanii fi tiyaatirri kabajaa gooftaa dabree waraana godhamu keessatti, raayyaan tokko hoggaa hinjifannoo goonfatuu fi akkasumas namoonni gurguddoon beekkamoo ta’an yeroo du’an sirni awwaalcha /awwaala/ isaanii akka itti raawwatu kan agarsiisu ni jira.

Taphattoonni dubaraa yeroo duraatiif dooyyaa Roomaa gubbatti muldhachuu calqaban. taphattoonni ogummaa Tiyaatiraas qaban hawaasa keessatti tuffatamaa turan. Odoma kun ta’e jiru, tiyaatirri guddatee kubbaaniyaan /gareen/ tiyaatiraa hundaa’ee beekkamuu eegale. Taphataa tiyaatiraa ta’anii kan filataman garboota turan. Itti gaafatamaan kubbaaniyaa /garees/ abbaa

kubbaaniyaa san dhaabeedha. Innis, garboota yoo barbaade hin reeba. Yoo barbaade hin reebu. Yoo barbaade hin ajjeessa.

Tiraajedii fi Koomediin Faabullaa Ateelaa fi Maayimiifi Paanto Maayimis hojjatamee beekkamuu calqabee ture. Akkuma biyya Giriikii, Roomaanis barreessitoota hojiin isaani hanga ammatti addunyaa gabutti beekkaman qabu.

Isaanis,

- *Pilawuus kan barreessee keessaa Tiyaatira 20 hagamatti addunyaa gubbatti beekkamu.*
- *Tereenis hoji isaa keessaa Tiyaatirri/ diraamaan addunyaa gubbatti beekkamu.*
- *Senekaa hoji isaa keessaa 9 hangaammatti addunyaa gubbatti beekkamu jiru.*

Haala kanaan tiyaatira guddachurra otoo jiruu, booda jaarraa 6ffaa keessa rakkoon guddaa isa qunname taphattooni bataskaana mana kiristaana/church/dhorgamanii manneen tiyaatiraa akka cufamu taasfaman. Kunis, kan ta’e tiyaatirri amantaan ala sochii agarsiise jedhameet .

TIYAATIRA JAARRAA JIDDU-GALEESSAA

Tiyaatira jaarraa jiddu galeessaa jedhamu, jaarraa 6ffaa – 15ffaa tti yeroo jiru kan agarsiisu dha. Kanuma jiddutti jaarraa 6ffaa – 10ffaa kan jiru, jaarraa dukkanaa jedhameeti waamama. Room keessatti itti gaafatamtoonni mana kiristaanaa mootummarraa deeggarsa argachuun sochii tiyaatiraa erga dhoorkee booda jaarraan dukkanaa jaarraa 6ffaa – 10ffaa akkuma maqaan isaa ibsutti sochiin tiyaatiraa hunda dukkanaahe. Diraamaa ilaaluu fi qopheessuun abaramuu calqabame. Kana malees, namni sochii tiyaatiraa

keessatti hirmaatu akka kiristinnaa hin kaanee fi akka bataskaana hin dhaqinee dhorkaman. Haata’u malee, sochii diraamaa siruma balleessuun hin danda’amne. Dhoksaadhaan diraamaan akka maayimii sochii amantaa alarratti xiyyeeffannaa gochuun biyya Awurooppaa keessatti mana warra sorreessatti ni agarsiifama ture.

Jaarraa dukkanaa waanti jedhameef, yeroo sana keessa addunyaa gubbatti waraana babal’achaa waan dhufeef namni barreeffamaans ta’ee walqunnamtti adda addaa, kan akka geejjibaa, poostaa, bilbila kkf hundaan wal arguun waan dhaabbateef jaarraa dukkanaa jedhame.

Sababa kanaaf, sochiin tiyaatiraas caalatti dukkanaahe. Jaarraa 10ffaa jiddutti diraamaa balleessuuf kan kaate bataskaan deebitee diraamaa akka durii hololа amantaaf barbaade. Sababni isaas, duraan afaan laatiniitiin dhimma bahuu dhisuun afaan ummatatiin baldhinaan ittiin tajaajilaamuun damb-holoola tiyaatiraan adeemsisuun jalqabame.

Gara xumura jaarraa 15ffatti, haala haarawaan lubbuu godhachuu jalqabe. Mana sooreyyii adda addaatitti taphattoonni mindaa’uun affeerraa adda addaa godhamu gubbatti argamuun tiyaatira qabiyeen isaa amantaa hin calanqisiifne waa’ee gaarummaa, hammeenyaa, hinaaffaa fi kkf amala ilma namaa bashannansiisa’aa kofalchiisuun kan muldhisan turan. Qeessoonnis akka taphattootatitti waa’ee jireenya jannataa fi jaannamaa keessa tiyaatira gaggabaabaa agarsiisuu jalqaban.

Xumuura jaarraa 15ffaa fi jalqaba jarraa 16ffaa deebi’ee dadhabuu jalqaba.

Sababan isaas,

- Ilaalcha ilma nama ilaalcha amantarraa ala sochii ta’e muldhisuu jalqabuu isaa,

- Sirna fiiwudaalii yeroodhaa diraamaa hammatee waan dhufeef,
- Amantaa f tiyaatirri addaan bahuu jalqaabuun, tiyaatira mana bataskaanaatiin alatti socho’uu jalqabuu isaa fi sababa kanaan kan ka’ee qeesotaa fi daaqonoota jiddutti waliigalteen dhaabamuun fincilli isaan jiddutti waan hammaateef, bara 1558 mootummaa Ingiliiz harka isheetti kan galfatte, Elsaabeet tiyaatirri amantaa gubbatti hunda’e akka hin muldhanne dhoorkite.

TIYAATIRA INGILIIZII FI ISPEEN

Jaarraa 16ffaa keessa biyya Ingiliizii fi biyya Ispeenitti, barreessitonni uumamuun tiyaatirri guddachuu jalqabe. Biyya Ingiliizitti bara 1672 tiyaatirri mootummaa biratti seeraan fudhatama argatee, bara 1574 gareen ogummaa tiyaatiraa gamaaggamu mootummaa jalatti dhaabbatee akka too’atu murta’ee manni tiyaatira hammaya’e ijaaramuu jalqabe.

Tiyaatirri bara 1580 – 1642 mootummaa gargaarsaa argatee tiyaatira Elsabeet jedhamee beekame. Yeroo sanaa kaasee hanga ammattii addunyaa gubbatti (maratti) maqaan isaa fi hojiin isaa kan beekkamu, sheekispeer dooyyaa tiyaatiraa Elsabeet gubbatti uumamee muldhate. Yeroo kana keessa, sochiin tiyaatiraa mana barumsaatti qophaa’ee /hojjatame/ dhiyaachuu jalqabe. Barreessitoonni bebeekkamoon kan akka Joonlittii, Toomaaskid, Kirstofor, Marlwu umaman. Tiyaatirri Ispeenis bara 1580 – 1680 sochii guddaa muldhisee barreessitoonni kan akka Lopp Dashigaa fi Pediro Kalderon uumamuun, Mana tiyaatiraa fooyyeessanii ijaaruun Ispeen guddina tiyaatiraaf bu’aa guddaa buufateerti.

TIYAATIRA BARA HAARUMMEE /RENAISSANCE Of THEATRE/

Tiyaatira bara haarumee gara xumuraa jaarraa 15ffaa irraa eegalee yeroo jiru keessa tiyaatira dhiyaate agarsiisa. Yeroon kunis, yeroo namni waan uumamu /waan ta’u/ hundaaf kun maaliif ta’e jedhee gaaffii gaafatee

sababsaa fi deebii quubsa ta’e deebisuu fi beekuu yeroo danda’eedha. Kana malees, yeroo ilmi nama jireenya afuuraa /lubbuu/ dhiise gara jireenyaa qaamaa/addunyaa/ kana gubbatti garagaledha. Jechuun, waa’ee amantaa dhiisee gara sochii hog-baruun jaarraa darbanii hundi fooyyaa’anii hammaayyoomanii dhiyaatan dha.

Kunis kan ta’e, yeroo teknooloojiin keessattuu Room keessatti sochii guddaa agarsiisee fi tiyaatirri sochii guddaa agarsiise, babalchaa dhufee fi meeshaan maxxansaa Yoohannis Gutanbarig uumamee, bara tapheen maxxanfamuuf carraa argachuun golgaan dukkanaa ibsaa ogbarruutiin saaqamaan. Yeroo kana keessa manneen tiyaatiraas fooyyaa’anii ijaaramuu jalqaban. Barreeffamoonni kanaan dura Giriikii fi Room akkumas, biyyaa adda addaa hojiin isaanii maxxanfamuu jalqabe.

Yeroo kana mootummaan tiyaatira keessa harka galfachuun baajataa fi baasii adda addaa danda’ee bulchuu jalqabe. Yeroo cidhaa fi kabaja guyyaa dhaloota isaanii kabajamu, mana mootummaa mana barumsaa dhaabbata leenjii barumsa adda addaa keessatti, tiyaatirri muldhachuu jalqabe. Yeroo kana sochii tiyaatiraatiin maqaan ishii kan waamamu xaliyaanii ture.

Tiyaatirri Komeediyaal artee fi Komeediya Jiruditaa kan jedhaman, Komeedilateen barreeffama irratti osoo hin ta’in, shaakalaa f tas-tapheerratti kan hundaayeedha.

Tiyaatirri kun lachanuu tiraajedirraa komeediif iddoo guddaa kennu. Yeroon kun ogeessonni ogummaa qaban, amaataroonni mootummaa fi dhuunfaan gaggeeffaman yeroo baayinaan itti socho’aniidha. Tiyaatirri Reenesaans bu’uurri isaa tiyaatira Girkii fi Roomaat.

Bara 1550 keessa Xaaliyaanitti beekumsa kan argate, Komediyaal dhalatee xumura jaarraa 16ffaa biyya Faransaayitti qopheessanii dhiyessaniiru.

Bara jaarraa 16ffaa qophiin isaanii biyyaa Awurooppaa hundatti dhiyeesaniiru. Roomattii tiyaatirri Reenesaans waant uumaan argamu akkuma jirutti dooyyaa gubbatti agarsiisuu yaalameera Fkf. Bosona agarsiisuuf doyyarratti muka jiidhaa baala qabu ijaarun/ dhaabuun /ibsa aduu agarsiisuuf dungoo, Faanosii adda addaa karaa cinaa/maddii/ tarreessanii kaa'uun fi kkf fakkeessuun yaalameera. Tiyaatira Reenesaanis Paaris keessatti fudhatama argatee hojiin barreessaa Aleksander Hardima fudhatama hojiin isaanii yeroo sanaa hanga ammatti beekkamaa jira. Hojii isaanii keessaa tiyaatirri akka fakkeenyatti kan fudhataman taartuu fi Zamayizer Zadocte Insipayit of himself, Zawud bijentilman, lmmajinarii ivid kkf hundi tiyaatira yeroo Reneesaanis barreeffamee dha.

TAPHEE (ACTING)

Tapheen barreeffama, tiyaaritti tokko keessatti namoonni fakkaattii (character) iddoo bu'uun dooyyaatti dhiyaatanii agarsiisa gochaan argsiisuudha. Taphee (acting) umuriisaa dheeraa guddina seenaa ilma namaa waliin uumame jiraateedha. Kana ilaalchisee, Phyllis Hartnool akkana jedha,

"*The art of acting and the profession of actor is as old as man showing itself first is ritual dance and song and home what later dialogue*"

Tapheen (acting) dur akka ammatti hammayummaan (modern) kan dhiyaate osoo hin ta'in, ilmi nama jiraachuuf sochii amantii adda addaa yoo godhu, gocha kana keessaa kan guddateedha. Fakkeenyaaf, kabaja amantii adda addaa ayyaanefachuuf ayyanaa sirbaa, daandii, dhiichisuu, tapha adda addaa agarsiisuun sochii godhamu keessatti bu'uurri taphee (acting) dhalatee guddate.Tapheen umurii dheeraa qaba haa jedhamuu malee, tapheen bal'inaan akkana jedhamee qabatamaan dubbachuun xinnoo nama rakkisa. Haata'u malee, garuu jalqaba tiyaatiraatii fi jalaqaba tapheetiin biyyi maqaan ishii waamamu (beekkamu) biyya Giriik jedhamtuu dha.

Namoonni amantii isaanii kabajuuf jedhanii gocha godhan keessatti tapheen (acting) dhalatee gudhate jedhameera. Garuu, bara mootummaa Roomaa tapheen bayee hawaasa keessatti tuffatamee ture. Tapheen haalaa haarawaan guddinaaf fudhatama argatee agarsiisfamuu jalqabe.

Haala kanaan tapheen (acting) bal'inaan seeraa fi heeraan hojjatamuu jalqabamee sadarkaa amma irra jirurraa gaye. Yeroo ammaa tapheen akka yeroo durii dhimma biraatiif waan hojjatamu osoo hin ta'in, dhimmaa ogummaatiin qarooma dandeettii hojii (performance skills) irratti hundaayee hojjatamaa jira. Qaroma dandeettii hojii jechuun tapha (acting diraamaa keessatti beekkumsaaf dandeettii ofiin hojjatanii yeroo barbaadametti agarsiisuudha. Kunis, taphaa adda addaa shaakaluun baruu, hojii qabatamaa ta'es qarooma ofiitiin dandeettii ofii agarsiisuuf baruu jechuudha. Kana malees, hojiin diraamaa dimshaashumattii hojii aartii dinqisifamaa ta'an ilaaluun, hojii ofii agarsiisuu tas-taphee (Improvization) adda addaa hojjachuun (gochaa) agarsiisuu, diraamaa sochiin, sagaleen daansiin (shubbisaan(muziqaan agarsiisuun barsiisuu dha.

OGUMMAA TAPHEE (ART OF ACTING)

Qophiin tiyaatirrii tokko bareedee tolee miidhagee daawwattoota bashannansiisee akka gammchiisu kan godhu keessaa adda dureen taphattoota qophii tiyaatiraa sana keessatti qooda fudhataniidha. Qophii tokko keessatti, fakkaatiwwan (characters) lubbuu hin qabne midhagsanii lubbuu itti horanii daawwattoota kan booyanii, boochisanii, gammadanii gammachiisan, qophii dhiyeessanii daawwattoota fuulduraatti kan galaman taphatoota waan ta'aniif qoonni taphattoota qophii daawwattootaaf dhiyaatu keessatti barreessaa tapheefi qopheesanii yookaan gaddisiisanii, garaa kan nama godhanudha hojaa kanaf taphatoon ogummaan saanii hojii tokko keessatti ogeeyiwwan kaanirraa gargar bayee ilaalamuun irra hin jiru.

TAPHATTOONNI OGUMMAA TAPHAA EESSAA ARGATUU?

Taphattoonni “Ogummaa Taphee” barumsaa irra moo wajjummaan dhalatu moo, eessaa argatu? Gaafiin jedhu yeroo baayee ni ka’a. Gaafii kana ilaalchisee, namoonni adda addaa deebii adda addaa yoo kennan muldhata.

Ogeeyyoonni beekkumsa ogummaa kanaa qaban hundinuu waan tokko irratti waliigalu. Kunis, dandeettiin ogummaa taphee kan ittiin dhangi’aman dhalootaan ta’ee dandeettii saanii kana barumsaan, leenjiin, teekinika barumsaatiin caalatti fooyyeessanii guddisu jedhanii deddeebisanii, jabeessanii dubbatu.

Taphattoota leenjisuu osoo hin calqabin, duraan dursanii taphattoonni leenjifamuuf dhufan sun qofti duwwan (kophaan) taphataa tokko fixaan baasuun hin danda’amu hojaa kanaaf leenjisaan tokko duraan durssee fedhiidhaan taphatoon leenjifamuuf dhufuu saani tolchee xiinxalee beekuutu irra jira. Warra fedhii hin qabne akka dedheen sammuu saanii keessatti uumamee guddatu tokkoo sannii onnachisuutu (jajjabeesuutu) irraa barbaadama taphatoon dandeetti isaanii guddisuuf hojii isa guddati osoo hin seeniin tas taphe (Improvization sadaa(imajination), yaadata (memory) xiinxilaaf (observation) qalbeefata (consentraction) isaanii akka guddisan gochuun barbaachisa dha. Kana malees qaamini saani akka barbaadanettu ajajamuuf ispoorttii salphaa ta’an hojisiisuudha. Taphataa tokko leenjisanii iddoo gaariif guddan ga’uuf bu’uurri guddaan isaan kana waan ta’aniif kan kanaa olitti caqafaman barbaachisaadha.

1.1. HUBANNOO (OBSERVATION)

Taphataan fakkaattii (charcter) iddoo bu’ee taphatu akka inni maal fakkaatu? Maal yaadu? Keessa isaa miira isaa gammachuu isaa, aarii isaa fi kkf hunda akkam ta’uun haala irra jiru hunda xiinxalee hubatee ilaalutu irra jira.

Fakkeenyaaf, taphataan tokko fakkaattiin inni iddoo bu’ee taphatu nama dargaggeessa moo jaarsa? Nama amantiiti moo nama biraatti? Namni kun

maal jaalata? Maal jibba? Yaad-qalbiin (saayikolojiin) isaa maal fedha? jedhee xiinxalee akkaataa inni dubbatu, tarkaanfatu ilaalu, fuula guuru kkf hunda baldhinaan gadifageessee yoo xiinxalee ilaale waan taphatu dafee tolchee akka salphaatti baree beeku isa godha.Hojjaa kanaaf taphattoonni dandeettii ciminaan jabeesuuf guddisuuf naannoo isaanii haala jiru hunda tolchanii xiinxalutu isaan irraa eeggama. Taphattoonni yeroo hunda iddoo nama kophaa bakka bu'anii taphachuu duwwaa osoo hin ta'in, horii, bineessaa fi kkf bakka bu'anii taphachuun waan jiruuf waan argan, waan godhamu waan hojjatamu waan jiru hundayyuu gocha adda addaa haalaan iddoo hundumatti xiinxalanii to'achutu isaanirra jira. Kanaafuu, hubannoon (observation) taphattoota biratti bakka guddaa kan qabu ta'uu isaa argisiisa.

1.2. YAADATA (MEMORY)

Yaadatin teeknika taphee keessatti taphattoonni tolchanii beekuun kan isaan irra jiru, yaadanni dandeettii isa guddaa dha. Ogummaa taphee keessatti taphattoonni dubbii fi gocha ala tokkoon agarsiisuun rakkisaa waan ta'eef, rakkoo kana hiikuuf cabsata (blokcing) hojjachuun yaadata waan ta'eef yaadataaf iddoo guddaa kennuun barbaachisaadha. Egaa yaadanni (Memroy) tapheef barbaachisaa waan ta'eef yaadata guddisuuf kanaa gaditti kan caqafaman hubachuun barbaachisaa dha.

- *Barreeffamin taphee argarma (scene) boqonnaa (act) hiramee dubbatmee qorachuuf gocha diraamaa xiinxaluu.*
- *Jechoota, hima aangoo hunda ala tokkoon qabachuu (baruun) waan nama rakkisuuf duraan dursaa hima himaa fi adeemsa gochaa baruun yaadachuudha.*
- *Taphattoonni dubbii gaggeeddaranii fi gocha godhan (hojjatan)sirnaan tolchanii beekutu isaan irra jira. Kana malees, dub-taphee isaanii kana birattii dub-taphee taphattoonni waliin taphatan baruun yaadata keessaa isa tokkoo dha.*

Taphattoonni muuxannoo fi barumsa guddaa yoo qabaatanillee yeroo adda addaatitti rakkoon garagaraa isaan qunnamuu ni danda'a. Kanaaf rakkoo (gufuu) isaan qunnamu kana akka salphaatti osoo hin ilaalin, rakkoo kana keessaa ba'uuf duraan dursanii gara hojii saaniititti osoo hin seenin maal hojjachuu akka barbaadan yaadatanii hubachuun isaan irra.

Fakkaattii (character) iddoo bu'anii taphee akkamitti uume, haala tekinikni akkamitti dhiyaate? Barreesichi maal ibsuuf, maal jechuu akka barbaadee fi fedhiin isaa gadifageessanii keessatti duuba faakkaattii hubachutu taphattoota gargaara, kana malees, fakkaattii isa kamittu guddaa qaba? Isaa kamituu kamitti dhiyaata? Irraa fagaata akkam seenaan diraamichaa.

Gara fuulduratti deemuu danda'amaa? jedhanii hubachutu taphattoota irra jira. Diraamaan (barreeffamin) barreessa tokko irraa dhiyaate, karaa teekinika ta'ee karaa adda addaatiin, kophaa isaa gahaadha jedhamuu hin danda'u. Gaarii isaa fiixaan baasuu fi dhugoomsuuf taphattoonni iddoo guddaa qabu. Kuni kan ta'uuf taphattoonni uumee isaanii itti dabalanii yaabbisanii waltajjii irratti lubbuu itti godhanii waan dhiyeesaniif taphattoonni duraan dursaanii kana beekudhaan qophaa'utu isaan irraa eeggama.

Fakkeenyaaf, barreessaan tokko akkaataa taphattoonni, fuula gocha, baasii isaalee cabsata kkf godhan (hojjatan) yoo barreessu, hanbisuu ni danda'a. Garuu, taphattoonni barreeffama taphee sana dubbisuu kan taphattoota irraa eeggamu ta'a. Haa ta'u malee, yoo akkas jennu taphattoonni yaada barreessa'aa irraa ala ta'anii akka barbaadanitti waan fedhan dabalanii waan hin taane, waan hin fakkannee dhiyeessanii yookaan yaada jiru hambisuun waan hin taane barutu isaan irra jira.

Taphattoonni diraamaa keessatti qooda yoo fudhatan duraan dursanii gosa diraamaa sanaa beekutu isaan barbaachisa. Kunis kan ta'eef, haala yeroo fi aadaa isaatti biyyaa itti barreeffametti teekinika adda addaa baasanii akka

taphachuu danda’aniif isaan gargaara. Kanaaf, taphattoonni yeroo taphatan waan dubbatan qulqulleessanii dubbachuu, loqoda(Looga) addaa addaa hubachuu yeroo hammana godhatu baruuf watni dubbatamu maal jechuu barbaadame baruun dandeettii yaadata taphattootaa guddisuuf gargaara. Dooyyaa irratti taphattoonni yoo waliin taphatan walyaadachuun yaadata isaanii jabeessee karaa adda addaatiin isaan gargaara.

1.3. SADAA (IMMAJINATION)

Dandeettii ogummaa taphee guddisuuf babali’suuf sadaan taphattoota baayyee gargaara. Sadaa jechuun, sammuu keessatti haala, fakkii uumuudhaan yaadata uumuu jechuudha. Taphataan tokko akkeessee, fakkeessee fakkaattii dooyyarratti dhiyeessuu (taphatu) tolchee bareechee taphachuuf qaama isaatiin harkan, lukaan, sagaleen, ijaan, fuulaa fi kkf qaama isaa hundaan maayi(dhimmi) bayutu qaam isaaf sagalee isaa waan ta’eef, qaamni isaa qophaa’ee damaqee si’aayee argamutu irra jira. Kana hundumaa gochuuf sadaan baayyee isa gargaara. Sochii qaamaatiin taphataan leenjii fudhatee qaama isaa kana jabeessee dandeetti ogummaa isaatitti dhimma bayuuf qaami isaa meeshaa guddaa dha.

Taphattoonni dooyyaarratti tapha isaanii osoo hin jalqabin duraan dursanii waan hojjachuu qaban, deebi’anii yaadachuun sammuu isaanii keessatti sadaa guddisuu jechuu dha. Taphattoota sadaa isaanii guddisuuf kan isaan gagaaru kanaa gaditti kan caqafamaan hubachuun barbaachisaa dha.

- *Waan tokko sammuu keessatti uumuu,*
- *Tokko tokkoon waantaaf akkaataa iddoo kennuufii,*
- *Gaaffii gaafatamaniif tartiibaan iddoo kennuufii,*
- *Sammuu keessatti waan uumamu maalumaa isaa keessa isaa tolchanii qorachuu hubachuu,*
- *Sadaa ofii karaa kallattii addaa addaa ilaaluu,*
- *Fakkaattii ofii danda’e tokko sammuu ofii keessatti uumuu,*

- *Fakkaattiin kun warraa kaan irra tokkummaa isaaf adda addumaa isaa baruu.*

Seenaa uumuu, gocha guddisuu, taphattoota akka gaaritti taphatan ta’uuf yaada gaarii adda addaa burqisisuun barbaachisaa ta’uu baruu. Sadaan burqaa, bu’uura yaada haaraaf guddina yaadichaatti akkasumas bu’uura uumeetti (Creative) yaadataanii fi xiinxaluun waan argame sadaan guddisanii ibsuun ni danda’ama.

Waan tokko sadaa keessatti dhimma ba’uudhaan uumnee hojjachuu hin dandeenya. Hanguma sadaa guddisuun danda’amu hojii uumee guddisuun ni danda’ama. Kunis kan ta’u karaa suuraa sammuu ofii keessatti uumuudhaan waan hojjatamuu barbaadame tokko duraan dursanii ilaaluun barbachisaa ta’uu isaa taphattoonni hubachuu qabu. Sila kanaaf taphattoonni sadaa isaanii guddisuuf dimishaashumatti bu’uurawwaan kana gaditti caqafaman hubachuun isaan barbaachisa.

- *Argama (scene) tokko sammuun ibsuu /sammuu keessatti uumuu/*
- *Argama (scene) keessaa fakkaattiwaan jiran xiinxaluu*
- *Ciminaan gaaffi barbaachisaa ta’an kaasuu*
- *Argama tokko tokkoon qalbiin hubachuu*
- *Argamichi argama kaan waliin adda addumaa isaaf tokkumma isaa beekuu.*

1.4. TAS-TAPHEE (IMPROVIZATION)

Tas-taphee (improvisation) sochii, dub-taphee fakkaattii, sagalee fi kkf hunda osoo sirriin hin shaakalin, hin qophaa’in qo’atanii tasa lafaa ka’uudhaan qorannoo fi qo’annoo irratti osoo hin hundaayin diraamaa shaakala malee hojii quubsaa hin taane agarsiisuu, hojjachuu jechuudha.

Tas-taphee (improvisation) taphattoota baruumsa qabanis ta’ee warra amateroota dandeetii ogummaa isaanii guddisuuf baayyee isaan gargaara. Kanaaf taphattoonni duraan dursanii gara barumsa taphatti yoo seenan tas-taphee adda addaa osoo hin shaakalin akka taphatan gochuun barumsaa fi dandeettii ogummaa isaanii suuta suuta akka salphatti akka guddisan godha. Kana malees, dura barataan taphee gara barumsaa tapheetti yoo seenu (yoo jalqabu) sodaa qabu ofii irraa balleessuu ni danda’a. Darekterrui/barsiisaan (Leenjisaan) tokkoos akka salphatti dandeettii fi fedhii taphattootaa akkaataa dub-taphee walirraa qoltan akkaataa socho’an, sagalee baasan fi kkf hunda Daarekterootaan akka godhan gochutu isaan irraa eeggama.

Taphattoota haala dub-taphee walirraa qolachuu danda’an duraan dursaan yoo waa’ee diraamaa baratan shaakaluu, dura tas-taphee taphatanii dandeettii isaanii guddisutu isaan irra jira. Diraama tokko keessatti qolannoon dub-taphee iddoo gudda qaba. Ogummaa taphee bal’inaan guddisuuf diraamaa guddaa tokkoon yookiin diramaadhaan jalaqabuun jiddutti barbaachisaa hin ta’u. Sirumaayyuu fakkaatti wal xaxxaan barataa calqabsiisuurra akka salphatti dandeettii isaanii suuta waliigalaan guddisuuf waan xinnoo ogummaa dandeetti barataa guddisuuf gargaara. Kanaaf tas-tapheen agarsiisaa adda addaa leenjii jalqabuun dandsa (bayyeessa).

1.5. QALBEEFATA (CONCENTRATION)

Qalbeeffata jechuun, waan hojjatamu, hojjatame hunda tokko tokkoon akkaataa tartiibaatiin taphataan (hojjataan) akka maal hojjatan, eessatti akka hojjatan, qophii isaanii eenyuuf akka dhiyeessan, yaadaan hubatanii qalbeefachuun isaan barbaachisa. Kunis waan yaadaanis ta’ee waan ifatti

hojjatan akka salphatti isaan beeksisee akka qabatan (baratan) isaan gargaara.

Taphattoonni barreeffama taphee dubbisuu duwwaan dub-taphee tolchanii beekaniiru jechuun waan hin danda'amneef gadi fageenyaan waan dub-tapheen sun jechuu fedhe tokko tokkoon qalbeefatanii eega beekanii booda, gochaan agarsisuun barbaachisaadha. Taphattoonni duraan dursanii hojii isaanii osoo hin calqabiin ispoortii qaamaa hojjachuun qalbeeffata isaanii guddisuuf waan gargaaruuf yoomiyyuu yoo ta'e taphattoonni ispoortii qaamaa hojjachuun isaan barbaachisa. Ispoortiin qalbeeffata akka salphatti bal'inaan sammuu namaa keessatti kuusa jechuun ni danda'ama.

Taphattoonni dub-tapheen akka maal jedhu fakkaattiin waliin hojjatan akka maal ta'e akka maal barbaadu akkamitti dooyyarratti socho'u deemuu fi kkf hunda yaadaan qalbeeffachuun seera taphee diraamaa hundatti egaa qalbeeffatiin taphattootaaf hojii gammachiisaa quubisaa bareedaa ta'e kan hojjisiisu. Hojii sammuuf hojii qaamaa ta'uu isaa hubachuun barbaachisaadha. Taphattoonni dooyyaa irratti waan hojjatan qalbiin suuta jedhanii fuulaan baasuuf qalbeeffanni meeshaa cimaadha. Taphattoonni baayeen dub-taphee isaanii kennameef fakkaattii bakka bu'anii hojjatan maalummaa isaaf eenyummaa isaa osoo hin barin, hin xiinxalin hin qalbeeffatin dub-taphee dooyyaa irratti erga bayanii booda sadarkaa taphaa gad buusaan dursanii gad fageenyaan waan hin qalbeeffaneef gochii kun immoo daawwattoota akka amantii taphattoota irraa dhaban godhee ilaalcha qophii sanaa tuffachisuu danda'a. Kanaaf kun hundi akka hidhalanneef qalbeeffanni meeshaa guddaadha.

1.6. ISPOORTII QAAMAA

Mata duree kana keessatti, ispoortii yoo jennu dimishaashumatti ispoortii keessaa kan taphattoota qaamai saanii cimsu, jabeessu qaama isaanii diddiriirisee kan taphattoota qaama akka fedhanitti ajajan kan gargaaru duwwaa jechuudha malee waa'ee ispoortii bal'inaan barsiisuu miti.

Ispoortiin qaamaa taphataan tokko fakkaattii iddoo bu'ee taphatu sana qaama isaatiin ,dubbii isaatiin fedhii isaatiin waan hundaanuu fakkeessee taphachuuf qaamin isaa akka barbaadetti ajajamutu irra jira. Kana ta'uu baannaan fakkaattii iddoo bu'e sana fakkeessee taphachuun rakkisaa ta'a. Kanaaf hiikkoon isaa ispoortii qamaat. Waan /sila/ kana ta'eef, taphattoonni ispoortii qaamaa hojjechuun dirqama isaaniitii. Maaliif yoo jenne meeshaan isaanii inni guddaan qaama isaanii waan ta'eef , qaama isaaniititti akka barbaadanitti dhimma bahuuf taphaattoota ogummaa isaanii cimsa. Kanaaf taphattoonni yoomiyyuu hojii isaanii osoo hin jalqabin duraan dursanii kan hojjechuun isaan irraa jiru ispoortii qaamaat.

Taphaataan tokko qaama gaarii ,sagalee bareedaa, taphataa cimaa ta'uuf ispoortii sagalees hojjechuun dirqama isaati . Dooyyaa irratti irreen taphataa yoo sunture ni ciqama. Yeroo kana fakkaattii iddoo bu'ee hojjechu (taphachuu) sana irraaffachuudhaan waa'ee rakkoo isaa jechuun waa'ee irree luka, harka, fuula, duggidda,qoonqoo (sagalee) fi kkf san yaada.

Kun immoo ogumuun hihidhamee taphachuu dadhaba. Rakkoo /gufuu / akkanaa ofirraa hanbisuuf ispoortii qaamaa isaa hunda hojjechiisuun dirqama taphatoota hundaat. Taphattoonni duraan dursanii ispoortii qaama yoo hojjetan naasuun ,cinqamin rakkoo kkf isaan hin gayu. Ispoortii qaamaa yoo hojjetan dhiigni mara qaama saanii keessa jiru akka salphatti qaama keessa faca'uudhaan qaama fayyaa jabaa akka qabatan godha .

Dimshaashumatti ispoortiin taphatootaaf,

- *Sagalee qulqulleessa*
- *Irree diddirirsaaf*
- *Irree jabeessaaf*
- *Gammachuun akka taphatan godha*
- *Danqama balleessa /hambisa /*
- *Dhiiga akka qaama keessa faca'u godha*
- *Qaama akka fedhanitti akka ajajan godha*
- *Cinqama hambisa*
- *Fedhii ofii qaaman akka ibsan gargaara*
- *Madaala qaama isaanii eeguuf gargaara*
- *Qaama fayyaaf nagaa akka qabatan gargaara*
- *Hojii nama jajjabeessuu fi kkf hundaaf taphattoonni ispoortii qaamaatiin of jabeessuun dirqama isaaniiti.*
- *Dimshashumatti sammuu, fuula, ija, harka, luka, somba, sagalee, dugdaa, morma, mataa, arrabaa fi kkf hundinuu taphatootaaf meeshaa guddaa waan ta'aniif ispoortii qaamaan leenjii kennuun taphattoota baayee hunda caalaa gargaara.*

1.7. Sagalee

Diraamaa tokko keessatti waa'ee sagalee yoo dubbanu sagalee taphattota sagalee muuziqaa, sagalee meeshaa ykn waan adda addaa gurraan dhaga'amiif radiyoo T.V.kkf. keesatti kan gurraan dhaga'aman jechuudha.

Taphee keessatti sagaleen mataa isaa kan danda'e tajaajila guddaa qaba. Kana keessattis sagaleenis lubbu qabeetiif lubbu dhabeettii jedhameeti iddoo lamatti ramadama. Lubbu qab eettii kan jedhaman dooyyaairratt kan osoo hojjataman kan dhagayaman, isaanis, fakkeenyaaf dooyyaa irratti sagalee kottee taphatootaa, sagalee adda addaa kan akka karra rukuchaa, saanqaa cufuu, banuu, kottee taphatoota bilbila kkf dha.

Lubbuu dhabeettii kan jedhaman dooyyaa irratti mul’achuu kan hindanda’ame sagaleen isaa duwwaan kan dhaga’amu jechuudhan. Fakeenyaaf, Kan akka sagalee xiyyaaraa, makiinaa baaburaa kkf hundaa gocha taphaa keessatti sagaleen tajaajila guddaa sila kennuuf guddinni isaa qulqulin isaa, kallatiin isaafi yeroon inni fudhatu hundi baramee eeggamu qaba.

Taphattoonni sagalee adda addaa baasuu akka danda’aniif sagalee ispoortii hojjachuun akka isaanirra jiru mata duree ispoortii qaama keessatti caqafameera.

Gocha taphaa keessatti sagaleen iddoo gudda waan qabuuf taphattoon kana beekuudhaan sagalee barbaachisaa ta’e baruudhaan ispoortii sagalee yeroo hundaa shaakaluu qabu.

1. Sochii (Movements)

Sochii jechuun iddoo tokkoo gara biraatti siquu qaama ofi kallattii (position) jiru irraa gara biratti dabisuu, luka, harka baasuu, ka’uu dhaabachuu, taa’uu, deemuu, gargaluu harkaa , luka kaasuu, iddoo tokko gara biraatti siquu gochi kkf hundi sochii keessatti ramadamu. Sochiin diraamaa tokko keessatti mi’aa sooqiddaa kan caaluudha. Taphataan tokko waan uumaa ta’e ta’uyuu, otoo taphatu socho’utu isa irra jira. Kana ta’u baanan, tapha taphate jechuun hin danda’amu. Taphatan tokko iddoo tokko ta’ee ykn dhaabbatee dub-taphee akkuma jirutti yoo dhageesise tapha taphate hin jedhamu.

Dubbiin inni dhageesisee nama gammachisuu hin danda’u. Maaliif yoo jenne ,dub-tapheen sochiin hin deegarmine hojiin sun hundis haamma du’aa lubbuu hin qabne waan hin sochooneefi namni isa laalu maltuu maal ta’an hin eegu. Dooyyaa irratti sochiin iddoo guddaa qaba. Fakkaattiwwan gocha jiru ibsuuf dooyyaa walqixxeessuuf daawwattoota gammachiisuuf kkf

hundaaf sochiin barbaachisaa ta’uu caalayyuu diraamaan tokko diraama akka ta’u kan godhuudha.

Gosa taphee (Types of acting)

Gosni taphee akkuma gosini diraamaa baa’iyatu tapheenis iddoon beekama.

Innis,

2. **Keessa isaa (internal)**
3. **Duuba isaa (external**) jedhamu.

Keessaa (internal) yoo jedhamu, yaada qalbii /physchological/ ilaalcha yaada, fedhii, amala beekumsa, sammuu kkf kan ittiin buusanii baasanii, gulaalanii, cunfanii, gingilchan, yaadan keessaa fakkaattii jechuudha.

Duubasa /external/ yoo jedhamu, immoo, keessaa isaa duwwaa osoo hin ta’in, duuba/ ala isaa bifa isaa, dheerinnaaf gabaabbina isaa kkf hunda jechuudha.

Uumama Taphee /Natural Acting/

Uumama taphee jechuun tapha diraamaa keessatti fakkaattii iddoo bu’anii yoo taphatan, waan taphataan sana akkuma jirutti fakkeessanii osoo dhugaa irratti hin hundaa’in, baayeedha. gosa taphee kana kan uume **Istaanslaaviskiyi** nama jedhmu dha. Nama biyya Ruskiitii istaanslviskiyi ogummaa kan keessatti iddoo fi maqaa guddaa qaba. Innis, kan jedhu akkuma kanaa olitti ibsametti dhugaa irratti hundaa’uun yoo taphatan, taphattoonni of irranfachuudhaan fakkaattii iddoo bu’anii taphatan sana ta’uuf yeroo hundaa of fooyyeessanii shaakaluun fakkaatti sana ta’utu irra jira jedha. **Ogummaan kunis, heeraaf seera qaba. Seeraafi heerr isaa,**

a) *Taphataan leenjii irratti hundaayuun qaama isaafi sagalee isaatti dhimma bayutu irra eegama. Kanaafis ispoortiin qaamaa akka meeshaa guddatti*

fudhatama qaba. Taphataan dubbiinis, qaamaanis dandeettii ogummaa isaa guddisiisutu irra jira jedha.

b) *Taphataan meeshaalee dooyyaatiin wal baruutu irra jira. Dooyyaa irratti meeshaalee dhimma irra bayu(kan ittiin gargaaramu) akka maal fakkaatan dooyyaa irratti akka eessa taa'an beekuun dirqama isaa ta'uu barutu irra jira.*
c) *Taphattoota barumsa baayinna qabu kennamuun akka irra jiru beekuu qabu. Yoo tapahattoonni barumsaa qabaatan tekinkaa fi beekumsa adda addaatiin gargaaraman ogummaa isaanii guddisuu waan danda'aniif kanas sirritti hubachuu qabu.*
d) *Taphataan waan fakkaattichi fakkaatu yoo qabachuu baate deebisee dedeebisee bareeffama taphee dubbisuu qaba.*
e) *Taphataan /Leenjifamaan yaada qalbeeffata kkf hunda yeoro hundaa hubachutu isaanirra eeggama.*
f) *Taphattoonni yoomiiyyuu barumsaafi dandeettii qaban jedhanii ta'uun isaan irra hin jiru. Yeroo hundaa shaakaluun dandeettii ogummaa isaanii guddisutu isaa irraa eeggama jedha. Dimishaashumatti ilaalchi isaa hojii qajeelfa gammachisaa ta'e hojjachuu jechuufi taphattoon ni daawwattoota fakkeessanii taphachuun gammachisaanii amansiisuudha jedha* ***Stansilaaviskiyin.***

Taphee Eeppiik

Tapheen Eeppiik akkuma taphee uumamaa gosa tapheewwan keessa gosa tokkoodha. Tapheen Eeppiik taphee uumamaatiin fallaadha. Gosa taphee kanaan addunyaarratti kan beekisee nama **bortoolt. Breekt** jedhamu bara (1898 – 1956) kan jiraate nama sanyii (qoomoo) jaarman ta'eedha.

Bortoolt Beekt barreessaa qopheessaa taphataa tiyaatirii Eeppiikii ture. Innis kan jedhu "taphatoon osoo ofi hin irraanfatiin doowwtoota yaadachaa doowwatootiin waan dooyyaa irratti dhiyaatu dhugaadha jedhan osoo

hinfudhatiin waanti dhiyaatu sun barumsaafi ta’ee doowwatoonni akka ceephuu qeequu danda’an gochuudhaa malee akka yaada keessa galanii yaadaan hin bane gochuudha jedha sila kanaaf taphatoon.

a) Fakkaattii iddoo bu’aani taphatan ta’uun isaan irra hin jiru kan ta’uu qabu taphatoon akka nama sadaffaatti seeneessuutu isaan irraa eegama.
b) Seeneessuufi akka seenaa godhameetti waan ta’e waan dha’gaama sirritti akkuma dhagameetti himan (godhanii) dabarsuudha.
c) Taphatoon gosa taphee kan keessatti barsiisuudha malee fakkaattii sana ta’uun isaan irra hin jiru sila kanaaf dowwatootni akka taphee keessatti osoo yaadaan ofi hin cinqiin barumsaa akka fudhatan gochuun barbaachisadha.
d) Taphatoon dooyyaa irratti fakkaattii iddoo bu’ani yoo taphataan irra keessaa sobaan fakkeessuu malee gadi fageenyaan keessaa lixaanii fakkeessuun dhorkkaadha.

Ijaaris dooyyaa bareeddee uumama fakkaate dhugaa ibsee calaqisee dhiyaachuun hin barbaachisu.

Bireekitti doowwatootiin taphatoon waan dhugaa fakkeessanii taphatanii irra ka’uudhaan dhugaa se’anii fajauun isaan irra hin jiru kana hambisuuf damaqinaan keessatti hirmaachuun barumsa argachuuf irra jira jedha. Waanti barsifamuus waa’ee diinagdee, siyaasaafi waa’ee hawaasaa kkf akka barsiisaa ture bireekitti.

Mala (Staayelii) Taphee

Mallii sataayelii taphee jaarraa adda addaa keessatti mallii adda addaa mulataniiru. Sila kanaaf mallii taphee jarraa adda addaa ilaala jechuudha. Innis jarraa adda addaa keessatti mala baayee ofi keessaa qaba. Fakeenyaaf

kilaasizim niiyo kilaasigin Riyaalizim Naaturalizm Ekispeshinizim simboolozim hunda ilaala.

Mallii taphee kan hundayyuu akkuma fedheef beekumsa barreessa diraamachatti ilaalama. Keessattuu barreesichi barumsaafi beekumsa inni qabu gubbatti hundaaya.

Riycaalizim (dhugooma)

Riyaalizimiin addunyaa kana gubbaa yoo jiraannuu gaariis ta’ee badaa jireenya keenya keessatti waan nu qunnamu, dhugaa waan ta’e dooyyaa irratti ifa baasanii agarsiisuudha . Kan jechuunis yaadin (seenaan) sun effamu kan bu’uura godhatu dhugaan ala miti seenaan seeneffamanii fakkaatii mul’atan gochii godhaman hunda dhugarraa kan burqanii nama amansiisaniidha.

Waanni godhamuu (ta’u) maaliif akka ta’e hojjatame (godhame) gaafii gaafatamuuf riyaalizimii keessatti deebii argachuun barbaachisaadha, garuu simboolozommiin riyaalizimiif faallaa ta’uudhaan hojjatama (dalgama). Warrii (isaan) kuniis kan hafan’s akkasumas dhugarraa kan daban(jalatan) hojii karaarraa (loojikirraa) xinnooshii jallataniidha. Sababinni isaa waan godhaniif dubbataniif kkf hundaaf gaaffii gaafatamaniif deebii gahaaf amansiisaa ta’e hin qaban.

Naamuusaa Taphatoota

Tiyaatiriin ogummaa ogeeyyon baay’een gamtaan qindeeffamee hojjatamudha jechuunis kan barreessaa, kan qopheessaa kan taphataa, kan sagalee, ibisaa, huccuu dibata (make up) kkf hundaattii .ogummaa ogeeyyan kana hundaa walitti dabalame gamtaan hojii kanaan olitti caqafame agarsiisa.

Naamusa kophaa ofiis ta’ee waliin kabajuun dirqama taphattootaati. Taphatootarraa waan guddaan barbaachisu qajeelfama kennamuuf osoo hin jalliisiin fudhatanii hojirraa oolchuudhaan dirqamaaf mirga ofii baruudhaan naamusa taphee kabajuudha, sila kanaf hojii tiyaatirrii kana ibsuu (calaqisu) ogummaa dandeettii adda addaa yoo ta’u isaan keessaa taphatoota fulduratti bayanii qamaa isaaniif sagalee saaniitiin taphatanii kan agarsiisanii waan ta’eef kana hunda hinjifachuuf naamusa kabajuun taphatoota irra eeggama.

Taphatoonni guyyaa diraama tokko shaakaluu calqabanii kaasanii hanga qopheesanii dhiyeessanii xumuuranitti shakkiif mamiin waan isaan qunnamuuf kana hanbisuuf (salhisuuf) danddeettii oguummaa guddisuuf naamusa ogummaatiin buluun barbaachisaadha

Naamusa taphatoota irraa eegamu.

1. Taphatoonni shaakalarraatti yeroon argamuu.
2. Taphatoonni hojii bu’a qabeesa ta’ee muldhisuuf shaakala walitti fufaa gochuu.
3. Yeroo mara danddeetti ogummaa isaanii caalatti cimsachuuf qo’annoo cimaa gochuun of fooyeessuu
4. Meeshaan taphattoota inni guddaan qaama isaanii waan ta’eef yeroo hundaa ispoortii hojjachuu.
5. Yeroo agarsiisaa (performance) yoo xinnattee xinnaate sa’aatii tokko dhursanii argamuu.
6. Ogeeyyota kanniin wajjin walii galu.
7. Dursanii haalan dub-taphee isaanii dubbisuu.
8. Ciminaafi dadhabina hiriyaa waliin taphatanii dursanii xiinxaalanii beekuun haala rakkoo san guutun danda’aamutti of fooyyeesuu.
9. Sadaa, yaadata fakkattiifi kkf hunda qayyabatani beeku.
10. Qaama ofirra akka miidhan hin geenye of eeggachuu.

11. Erga huccuu, dibataafi kkf godhatanii qophaa’aani booda alatti bayuudhaan namatti mullachuun dhorkaa ta’u beekuu.
12. Namatti of jajuurraa of eeguu.
13. Haala naamusa ogomichaan qopheessaafi qindeessarraa qajeelfama fudhachuu.
14. Lafa hundatti amala fakkaatti qorachuun naamusa ogummaa san kabajuu.

Qophii Tiyaatiraa

Qophii tiyaatira yoo jennu akkaataa tiyaatiriin tokko itti qophaa’ee ga’umsaa argachuun qindeessamee dhiyaatu jechuudha. Hojichis kan qindaa’u qopheessa isaatin.

Qophiin tiyaatira yoom calqabame? Biyya eessatti calqabe? Dhaloonni isaaf guddinni isaa akkam ture? kan jedhuuf gaaffii kaasuun barbaachisaadha. Waan kana ta’eef dhaloonniifi guddinni tiyaatiraa biyya Giriik ta’e, qophiin tiyaatiraas achuma kan hin fagaanne ta’uusa ogeeyyoni walii galan ni jiru. Kanaaf ragaan isaan dhiyeessaan dur gara naannoo jaarraa 600 dhaloota kirstoos dura biyyaa Giriki keessatti namoonni kabaja amantiisaanii ka’uumsa godhachuun ayyaana (Gooftaa) Dayonsaansi jedhamu kabajuuf namoota tuutaan qindayanii faarfata Ditiram jedhamu qindeessanii gaggeessan akka qoheessatti fudhaatamu. Tiyaatirinis yeruuma san keessaa akka dhalatettiifi qophiinsallee achumatti jalqabe jedhu. Ogeeyyonni yaada kana haalan dhugaadha jedhan ni jiru. Amantiin adda addaa biyyoota adda addaatti haala wal fakkaatun kan kabajamuufi haallii qindaa’ina jiru bifa wal fakkaatu essayyuu jiraachu akka danda’amu ogeeyyonni baayyee gahe nni hedduun nidubbatu. Foyya’insi haguma dabalaa dhufu qophiin tiyaatiraas yeroo yeroon fooyyaa’ee guddachaa dhufuun gara amantirraa gara ogummaatti ce’uun iddoo amma irra jiru gahe jira.

Duri kan nama tokkoon barreefamee qopha’ee dhiyaacha ture yeroo amma kana keessa garuu haalli kun jijjiiramee bifa ammayyummaan tiyaatiriin ogeeyyota adda addaan qindeeffamee akka qopha’ee dhihaatu ta’e jira.

Kanaafuu, barreessan tokko ogummaafi beekkusaatti fayyadamee sammuusaa keessaa baasee, buusee, cuunfee, ginglichee, kan barreesse; qopheessaan moo yaada barreesichaa bu’uura godhachuun uumee mataa isaa itti dabaluun taphatoota nama sagalee, nama ibsa, dibataa, dooyyaa huccuu kkf hunda qindeessuun yaada ogeeyyanii waliin yaadasaa dabalee qindeessuun fedhiin dirqama fudhatee ija ogummaatiin qindeessee dawwattootaaf dhiyeessa . kana ilaalchisee Rober P.C. winn “Directing is the art of coordination ana cintoling all the.

Elements in heritage of a play, motion picture, television drama of radio

Script”

I. The new Encyclopedia Beitannica V.4P.118
P.b Newyork 1986

Hojiin qopheessaa tiyaatiraa tiyaatira ammayyaa keessatti iddoo guddaa qaba. Garuu qopheessaan tiyaatira ammayyaa dooyyaa tolchee dhiyeessu akka ogummaa tokkoottii ammayyummaa horatee kan beekame jaarraa 20^{ffaa} keessatti. Ogummaan kun osoo akka ammaa hin beekkamin hojiin qopheessaa kun kan hojjatamaa ture barreessa tiyaatiriitiin.

Qopheessaan qarooma dandeetti sammuusaatiin fayyadamee uumesaa (imagination) waan ilaaluuf muuxannoo ofii qabu itti dabalee dandeettii ogummaa qaroomna mataasatti dhimma bahuun teekinika adda addaa barreesichi uume xiinxaluun, ofisaatiifsi yaadaafi uumee isaa itti ida’e qindeessuun doyyaarratti dawwattootaaf hojiinsaa bareechee miidhagse qulqulleesse naamusa ogumichaatin akka dhiyaatuu godha. Kanas yeroo hojjeetu feedhiifi dirqama mataa isaa qabaachuu qaba. Duraan dursee gaafa

barreeffamni taphee isa harka gahee eegalee wantoota qophii artii dinqisiisa godhu hojjachuunitti dabaluu mi’eessun irraa eeggama.

Qopheessaan barreessatti aanee kallattiini maqaan isaa kan waamamuudha. Kunsi qophii tiyaatiraa keessatti waan hundaa qindeessuuniifi gurmeessuun itti gaafatamummaa barbaachisuu hunda fudhate sirreessee sagantaa baasee ogeeyiwwan adda addaa gamtaan qindeessee sagantaa baasee waliin wal simsiisse hojjachuun daawwattootaaf hojicha artii san haala dinqisiisa ta’ee akka mul’ atu waan godhuudhuuf.

Qophii tiyaatiraa keessatti qopheessaan maal qopheessa? kan jedhu gaaffiin ka’u ni danda’a. Hojiin qopheessan hojjeetu waan tokko duwwaan (qofa) osoo hin ta’in teeknika adda addaa jechuun dubtaphee, sochii, gocha, sagalee, ibsa, dooyyaa fakkaatti, argamaafi kkf mara haala ogummaaniifi naamusni tiyaatira ajajutti hojjeeta. Barreeffama taphee edda dedeebise dubbisee, xiinxaleefi hubate booda gochaan hojiitti jijjiirun qindeessee qopheessuudha. Dimishashumatti qophiin tiyaatiraa akkuma kanaa olitti caqafame ogummaa tiyaatira keessatti ogummaa adda addaa namoota qaban qophiiicha qindeessee hojii fiixaan bahee xumuree dooyyaarratti waan argamu hunda bareechee, tolchee midhagisee dhiyeessuudha. Kana gochuuf dursee qopheessaa wanti irra eeggamu:

- *Barreeffama taphee filachuu*
- *Barreeffama filate xiinxalee hubachuu*
- *Taphee filachuu*
- *Bar-taphee dubbisuu eegaluu*
- *Bar-taphee irratti taphattoota waliin mari’achuu*
- *Shaakala eegaluu*

- *Taphattoota qopheessuu. Kana jechuunis dubbataphee sochii fakkaattii keessaa galuu dooyyaa muuziqaa, miidhaga sagalee, ibsaa, huccu, dibata, ijaarsaa dooyyaa, meeshaa, yoomeessa kkf. Hunda taphattootaaf ogeeyyiwwan kanniin waliin qindeessanii qopheesuudha*.

Barreeffama Tiyaatiraa (bara taphee) Filachuu

Barreeffama tiyaatiraa filachuu salphaa miti sababinsaa bartaphichi maal akka fakkaatu doowwattootaa yoo dhiyaatee akka maal ta'uu danda'u ija daawwattootan dursee qopheesichi baasee buusee hubachuutu irra eegama. Daawwattoota fuldurratti fudhatama argata moo? hin argatuu? taphattoonni fakkaatiwwan kan bareechan hagam? Eessa amma hagam? Dooyyaa kamiif mija'aadha? maallaqin kanaaf bahu hangam? gaya gaaffiwwan kana fakkaatan hunda duraan dursee osoo bartaphee hin filaatni gadi fageenyan dubbisuufi hubachuun qopheessarraa egama , kana ilaalchise Carl Allens warth akkas jedha.

"Choosing agood plar is in itself is not enough it must be right for the avdience to which it will be shown it must be suitable to the tolent available to do it must be adaptable to the sage and facilities available for its production and it must not staim un available the budhet prepared of "2

Carl Allons Worth

The compet play production handheer page 21.

New York 1817

Hojjaa kanaaf qopheessan ija doowwatootaan bartapha deebisee deddeebisee dubbisuun, barreesichi ergaa maalii akka dabarsiisuu barbaade yeroo bartaphee filatu baruu qaba.

Edda bartaphee filate booda haala barreessaa ittii argatu yoo jirate barreessaa waliin mari’achuu, teekinkii adda addaa akkaataa itti qopheessuu danda’u bal’inaan qorachuu, gosa tiyaatirichaa baruu, sana booda tilimaama bafachuudhaan qophii calqabuudha. Qopheessan yeroo bartaphee filatu karaa teekinikii danda’amu hundaan karaa maraan qopheessuu akka danda’u of gaafachuu qaba, kana ilaalchise Carl Allens qorth. “When considering aply for production the directorshould forst aks himself AMI caple of staying theis paly the way it should be staged?

Do I realy understand the way? Do I understand the charcter relation ships and the motivations well enough it make the action clear to anavdience? Am I realy excited by the prospect of doing the paly?

Unless a director can answer these question in the affirmative he had better look for an other paly?3

Yeroo barreeffama taphee filatu qoheessaan wantoota kana gadii ofgaannoo keessaagalfachuu qaba:

1. *Bartaphee kana akkam barbaadatti qopheessuun danda’a?*
2. *Waan bartapheen jedhu naafgaleera?*
3. *Ragasaaf teekiniksaa jaladheera? Dawwatoonni naaf jaalatu?*
4. *Fakkatiwwan baradheeraa ture.?*
5. *Waan hunda baradheera? Gaafa gaafiilee kana deebisee qopheessaan gara taphattoota ramadutti ce’a (darba)*

3.1.d. Page 23

Qopheessaan tokko edda barreeffama taphee filatee tilmaama baafatee booda waanti isarraa eegamu taphatoota taphataniif fakkattii bartaphee keessatti argaman irratti ramadudha. Taphatoota ramaduufis qopheessaan gochuun kan irra jiru duraan dursee taphatoonni akka bartaphee dubbisan, fakkaatti gamaaggamuun gochaan eenyu akka tolee taphatuuf baruutu irra

jira. Kana malees akka taphatan gochaan dandeettisaanii hubatan sana booda ramada. Dimishaadhumatti qopheessaan taphattoota ramaduuf:

- *Bartaphee akka taphatoonni dubbisan gochuu.*
- *Bartaphee taphatoon akka gamaggaman gochuu.*
- *Tas -taphee adda addaa akka taphatan gochuu.*
- *Taphattoota haala miirra isaanittin ramaduun kan caala taphatan irratti taphattoota ramadu qaba, sana booda barreessaan yoo argame waliin mari'atee gara shaakaluutti ce'uu qaba.*

Shaakaluu

Shakalli tiyaatiraa deddeebisanii taphachuun hojiinsaanii akka bareedee qulqulla'ee haala ogummaatiin akka dhiyaatuu kan godhuudha.\

Tiyaatirrii tokko dooyyarratti baasuuf dursee akka gaaritti irra dedeebi'amee shaakalaan sirra'uu qaba. Gaafuma gochi shaakalaa eegalee kaasee taphattoonni

(1fatiin) yeroo itti shaakalamu sagantaa baasuun irra dedeebisan bartapheen akka dubbisamu gochuu, dubtaphee akka sammuutti qabatan gochuun iddoo (area) itti socho'an murteessuu, akkaasumas socho'an gochuun akka shaakalan gochuun barbaachisaadha.

Dooyyaarratti iddoo meeshaan adda addaa ka'amu baruun shaakaluu, eddo ibsaan itti ifu, iddoo miidhagni sagalee barbaachisuu, iddoo itti seenaniifi iddoo itti bayan argamaan qoopheessaan shaakalisiisuutu irra eegama.

Yeroo shakkalaa fakkatti fakkaachuuf, akka barbaadameetti taphachuuf, taphatoonni sadaafi qalbeefataaf, xiinxalaaf iddoo guddaa akka kennaan gochuun ni barbaachisa.

Yeroo shaakalaa taphattoonni akka qaamaafi sammuun ga’eessa ta’anii taphataan hubachuun hojii qophessatti kana malees yeroo shaakala iddoo rakkoon jiru fooyyeessuudha.

Qopheessan yeroo shakaalaa taphatoon akka ciminaan jabaatanii mulatan gochuuf cabsatif dub taphee sochii waliin qindeessanii akka taphatan gochuudha.

Shaakala Xumuraa (Final reaheal)

Teekinikii shaakallii kun dhumarratti karaa teekinikii adda addaan qindeessa tiyaatira waan baraabachisa ta’an hunda guutanii gamtaan qindeessuun wan hirate gaafa baranii kan hafe gaafa itti guutanidha. Wantoota teekinikii kan jedhaman ibsaa, midhaga sagalee, muuziqaa, meeshaalee adda addaa, dooyyaarraa kan ta’us ta’e kan taphattoonni harkkatti qabatan argama geedaruuf yeroo fudhatamu gaafa baranidha. Guyyaan kun gaafa deebisanii sirreessan waan ta’ee guyyaa kanaa baayyee dadhabsiisaaf ifachiisaa (nuffisisaa) dha.

Huccuun Shaakaluu

Guyyaan huccuun shaakalamuu guyyaa (gaafa) hundaa osoo hin ta’in tiyaatirri tokko dawwatootaaf dhiyaachuuf guyyaa tokko ykn lama dura akkuma gaafa dawwatootaaf dhiyaatuuf waanti hundumtu guutamee dawwatoonni muraasinilee(xinnoonilee) gaafa argamanii agarsiisaa godhamudha. gaafa shaakala huccuu kanaa dawwatootiin argaman ceepholee ni kennu. Guyyaan kun gaafa tiyaatirri dawwatootaafi banamurraa adda addaa miti.

Qophii Gamtaa

Qophiin gamtaa qopheessaa tokkoon oli ta'udhaan tiyaatira qopheessuu jechuudhan kunis yeroo baayyee iddoon itti ta'u (qopheefamu) mana barumsatti warshaalee keessatti waldaa adda addaa keessatti amantoota adda addaa biratti yoo ta'u takka takka ogyeessota mana tiyaatiraa birattilee ni hojjatama. Qophii gamtaa keessatti qopheesitoonni wal mari'achuun qophii bu'aa qabu agarsiisuu qopheessitoon yaada addaa addaallee yoo qabaatan wal amansiisuu.

Sagantaa Shaakalaa

Qopheessaan osoo hojii qophii hin calqabini dursee akkataa itti shaakalchiisu sagantaaf tilmaama baafachuu qaba. Kunis kan ta'uuf hojiisaa rakkoo malee akka salphatti hojisiisuu dand'a yoo baayee kan salphaadha jedhamee beekamu akka kanaan gaditti kaa'amatti sagantaan shaakaluudha.

1. *Dura akkuma jirutti bartaphee dubbisu – Reading of entireplay*
2. *Taphatootaan dubbisu – Reading of play by the entire cast*
3. *Boqonnaa isa dura irratti cabsata – Bloking out of first act*
4. *Boqonnaa isa durarratti taphachuu – Work in first act*
5. *Boqonnaa lammaaffaarratti cabsi – Blocking out 2nd act*
6. *Boqonnaa lammaaffarratti hojjachuu /taphachuu/ - wark on 2nd act*
7. *Boqonnaa tokkoofi lammaaffaa keessa ce'uu – Run through 1st and 2nd act*
8. *Boqonnaa 3ffaa cabsachuu – Blocking of the third act*
9. *Boqonnaa 3ffaa irratti hojjachuu- Work on third*
10. *Boqonnaa lammaaffaaf sadaffaa keessaa ce'uu – Ren through 2nd and 3rd act*

11. *Boqonnaa tokkooffaa bartaphee malee hojjachuu – Work the 1st act with out scripts*
12. *Boqonnaa lammaaffarratti tokko tokkoon hojjachuu – Detailed work on 3rd act*
13. *Boqonnaa sadaffaa bartaphee malee hojjachuu – work on 3rd act*
14. *Boqonnaa hunduma keessaa ce'uu – Run through of entire play*
15. *Boqonnaa tokkoffaarratti tokko tokkoon hojjachuu – Detailed work on 2nd act*
16. *Boqonnaa lammaaffaarratti tokko tokkoon hojjachuu – Detailed work on 2nd act*
17. *Boqonnaa sadaffaarratti tokko tokkoon hojjachuu – Detailed on 2nd act*
18. *Boqonnaa hunda keessaa ce'uu – Run through of entire play*
19. *Argama irratti tokko tokkoon hojjachuu – Work in individual scenes.*
20. *Shaakala teekinikaa gochuu – Tekinikal rehearsal*
21. *Huccuun shaakaluu – Dress rehearsal*
22. *Sagantaa banaa – opening ceremony*

Muuxannoo Qopheesitoota adda addaa

Qopheesitoon adda addaa biyyaa adda addatti muxannoo haraa ka'a ta'e ogummaa qophii tiyaatiraa addunyaarratti beeksisaniiru.

Isaan keessaas yeroo waa'ee ogummaa kana dubbannu maqaan saanii kan yaamamuu (ka'u) istaansilaavisky, mer – Hold Grootovisky, Breky, Breky, Artood, Sheksper. Kkf. Yoo ta'an isaan keessas hojiin istaansilaavisky, Grootoovisiif bireekit haaraa waan ta'ee muxannoo saaniis fudhatamaa argateera. Idtanslaavisky /1865 – 1938/ kan jiraate nama biyyaa sooveyiti (Raashiyaat) innis biyyaa sanatti artii mooskoo kana jedhamu nama uumedha. Ogummaa tiyatiraa biyyaa soovetitti guddisuuf nama tattaaffii

guddaa godhedha. Tattaaffiisaa keessatti doyyaarratti baasee artii dinqisafamaa ta’e kan mul’ise. Yaadinsaaf teekinikii toofitaasaas taphatoon offi irraanfachuun fakkaattii ta’ani argamuutu irra jira jedha kana gochuufis kan ta’uu qabu.

1) Taphatoon akka barbaadamee akka taphachuu danda’aniif qaamin saaniif sagalee saanii tolee leenjifamuu qaba.
2) Taphataan doyyaarratti of osoo hin ta’in fakkattii ta’ee argamuu qaba.
3) Taphatoon dhugaa fakkeessanii taphachuuf sadaasanii waan hojjatan hubachuu qabu.
4) Taphatoon ogummaa saanitiin dawwatoota gamachiisuuf qalbeeffataa iddoo guddaa kennuu qabu.
5) Shaakala walitti fuufee gochuu qabu.
6) Taphatoon namuusaan buluu qabu. Kkf hunda
7) Mer Hold (q874 – 1940) kan jiraate nama biyyaa soviyet kan ta’e taphataaf qopheessaa tiyaatiraa ture. Malli qophii tiyaatiraa saa mala qophii tiyaatiraa ist analaaviskiy irraa dhufachuun (gargar ta’un) qophii haarawaa kan barsiisedha (uumedha) innis kan jedhu doyyaarratti jireenya ilma nama keessatti badii gadadoo gammachus kkf hunda yaadiqalbiifi hdugaa akkuma jirutti dhiyeessuu osoo hin ta’in madditti jallisnii simboolzimiin halaan dhiyeeffamuu qaba jedha. Simboolizimin ykn haalan jechuunis dhugaa akka jirutti osoon hin ta’in jallisiuun dhugaa waan hin taane fakkeessanii dhugumna ibsu danda’uudha.

Yaadin haaraa kan waan sadii bu’uura kan godhatu

a) Baayoo mekanikaal
b) (Ti’atitikalizim)
c) Konstirakishimadha

A. Baayoo mekanikaal – kan jedhamu taphatoon qaaminsaanii akka kaasitiiktti (maashinitti) akka ajajamuuf qaamsaanii ispoortiin leenmifamee sirra'uu qaba yaada jedhuudha.
B. Ti'atitikaalizim – kan jedhamuu to'aatiriin sammuu dawwatoota burjaajessuun irra hin jiru dowwatoonni gara mana tiyaatiraa yoo deeman (hogaa – deeman) waan dhuguma ta'uu osoo hin ta'in dhugaa fakkeessuun waan ta'uu danda'u tiyaatiraat keessatti arguuguuf akka laaluu dhaqan akka daawwatoota barbaachisaa miti yaada jedhudha.
C. Konsitirakishinizim yaadin jedhammoo tiyaatiruun dhugoomaaf uumaa keessatti ifee kan mul'atu doyyaarratti icitii (dhokkisaa) malee kallattiitti daawwatootaat mul'achuu qaba sinaariin ibsaan kkf hundi dawwatoota burjaajessuu hin qaban yaada jedhu cimmisa.

Girootosikii

Girootosikiin ogummaa tiyaatira guddisuuf tattaaffi baayyee nama godhedha inni qorannoof yaadasaa keessatti daawwatoon tiyaatira dawwachuu qofa osoo hin ta'in tapha keessattis hirmachuu qabu jedha. taphatoonis naamusaan ijaaramu qabu, qaamanni taphatoota kan sirra'e ta'ee sagaleen saanii kan nama sodaachisuu ta'uu qaba jedha. Dub-tapheenis jireenya nama keessatti kan dubbatamurraa adda addaa ta'u qaba yaada jedhu qaba.

Bartoolt Bireekt (1898 – 1956) kan jiraate. Bireekt nama sanyinsaa nama laman ta'e tiyaatira Eeppik jedhamu addunyaarratti kan beekisiedha. Bireekit barreessaa qopheessaa tiyaatiraa eeppikii ture. Innis kan jedhu taphatoon ofi osoo hin irranfatiin dawwatoota yaada keessa hin galle gochuudha jechuunis dawwatoon tiyaatira doyyarratti dhiyaate tiyaatiriidha jedhachuu qabu, kana malees akkuma hawwaasa keessatti jijjiiraan barbaachisaa ta'e tiyaatiraa keessatti jijjiiraan barbaachisa yaadinnasaas yaada Aritstootiliif yaada saanslaaviskitiin fallaa ta'uun dawwatoota osoo hin fajajiin damaqinaa tiyaatiraa keessatti hirmaachuu qabu jedha.

Hojaa kanaaf dawwatooni tiyaatirii mul’atu dhugaa dhugaa jedhanuu fudhuu osoo hin ta’in icittisaa baruun hawaasa keessatti guddinaaf gedarssa inni fidu baruuf tiyaatiraa keessaa ola of gochuun ergaa dabarsamu baruu qaba kana gochuufis kan gargare faarsaa tuutaan muuziqaan seeneesuun fiilmiin gargaaramuudha. Ibsaafi sirnariifi yoomeessaaf baayyee hin cinqamu.

BARTAPHEE

Bar :- Barreeffama (Script)

Taphee :- Tapha (play or acting)

Barreessaa :- Nama taphee barreessuu.

Barreeffama kan keessatti maalummaa bartaphee, tooftaa bartapheen ittiin barreeffamuu danda’u firiwwan bara taphee fi rakkoowwan barreesson haaraa qaban ibsuudhaan barumsa bu’uura ta’e kenna.

Bar taphee jechuun maal? Bar tapheen damee hog- barruu ta’ee barreeffama dooyyaaf qophaa’ee kana ilaalchisee beekkam ogummaa kanaa qabu wiliyaam march “Script piece of writing intended for stage presentation” jedha. Bar tapheen agarsiisaaf dub taphee wal harka fuudhurratti hunda’udhaan taphatoo fi taphee sochii qaaman walsimachiisa. Seenaan bartaphee dhugaafi midhagina goonfatee taphatootan lubbuu godhatee, ogummaa biroowwan waliin qindaa’ee dubatapheen ibsamee barreeffama dooyyaaf dhiyatudha. Barreeffama doayyaaf dhiyaatu jechuunis daawwatootaaf tiyaatira dhiyaatu yoo ta’u ogummaa biroonis midihaga sagalee ibsaa huccuu dibataaf kkf deeggaramee gabaabiinaan (qusanaan) dhiyeessuu jechudha.

BARREESSAA TAPHEERRA MAALTU EEGAMA?

Barreessaa tokko uummata keessa jiraatu akka hawwaasattis ta’e akka nama tokkotti gad fageenyaan itti dhiyaatee qoratee beekuu qaba. Barreessaan jireenyaasaa keessattis muuxannoo isa qunnamurraa ka’eetuu barreessa. Jireenya ilma nama keessattis yeroo hunda gammachuu, badii. Badhaadha jibba jaalala midhaa roorroo kkf hundi dhala namarratti garmaamu barreessanis miseensa dhala nama kanaa waan ta’eef waan uummatarra gahu kana hubatee argee ifa baasuu qaba. Kanamalees ilaalcha falaasamaa hawaasa keessaa jiraatuu ifa baasee qarooma dandeettisaatti dhimma bahuudhaan dhugaa jiru midhagsee ummataarraa fuudhee artii diqisiisaa ta’een deebisee uummataa dhiyyeessuutu eegama hojiin barreessa yoomiyyuu bu’uurrisaa uummataa keessa jiraatu (beeku) keessaa ala ta’uu hin qabu kana malees barreessaan bar taphee teekinika (Tooftaa) adda addaa baratee qarooma dandeetti qaba. Kana ilaalchisee barreessaan bar taphee qarooma dandeetti qaba. Kana ilaalchisee barreessaan bar taphee biyyaa ingliizii saamu’el joonsan akkana jedha.

“Namni tokko kitaaba tokko qopheessuu yoo barbaade dursee mana kitabaa keessaa kitaabawwan jiran keessaa gartokkees dubbisuu qaba” jedha.

Yoo kitaaba adda addaa dubbisan beekumsa baayee (guddaa) argachuun ni danda’ama. Kana malees barreessan tokko karra cufatee iccitiidhaan kan barreessuu osoon hin ta’in hojiisaa ogeesootatti agarsiisee ogeesotarraa yaada fooyya’aa fudhatee fooyyeessee barreessutu isa gargaara.

BARREESSAAN DANDEETISAA CIMSUUF KANIRRAA EEGAMU.

1. Yaada ogeesotarraa fudhachuu
2. Kitaaba ogummaa taphee adda addaa bal’inaan dubbisuu
3. Abdii otoo hin kutiin deddebisee barreesuu
4. Hawaasa keessa jiraatu gadifageenyaan beeku
5. Tiyaatiraa adda addaa yoo agarsifamu ilaaluu bartaphee dubbisuu

6. Hojiisaa kan warir kaan barreessan wajjiin wal bira qabee ilaaluu (madaaluu)\
7. Qarshiif jireenya sobaaf osoo hin ta’in dhugaarratti hunda’uudhan golgaa dharaa saaxila baasuu
8. Sadaa (migination) offii guddisuu
9. Fakkaatti uume gadifageenyaan beekuu jechunis eenyumaasanii, afaan aadaa, yaadi qalbii falaasama amantaasaanii kkf hunda waan jaalatan jibban hunda gadifageenyaan dursee hubatee beekuu qaba.
10. Ilaalcha fakkaattisaa malee ilaalcha (fedhii) mataasaa baayisee calaqisisurraa offi qusachuu.
11. Yaadannoosaarratti yeroo hunda waan arge waan dhagaye galmeefachuu qaba kkf – hundarratti xiyyeeffanna cimaa yoo godhe barreessaa cima ta’uu danda’a.

KENNA OGUMMAA BARREESSAA

Barreessaan ogummaa qarooma dandeetti eessaa argata /wajjumaan dhalatamoo barumsarraa argata? Gaafii kanaaf namoon baayeen deebii adda addaa kennuu. Kunis kaan ogummaa kan wajjumaan dhangi amani dhalatu kenna ganama isaani kennamedha yoo jedhan kaan immoo lakki ogummaa kan barumsarraa argatu jedhu.

Haata’u malee ogummaa kana qabaatan waan tokkorratti waliigalu innis ogummaa kana ganamuma kanaan kan gonfatan ta’eetu caalatti teekinikii adda addaan seeraaf adeemsaasaa bal’inaan beekuuf kennaan kan goonfatan saffisuuf barumsa gahaa guddaa taphata (qaba) jedhu. Kana ilaalchisee ogeessi barreessa Em-Forest akkas jedha; “The Dramatistis bor as well as maba” kanna kanarratti barumsi yoo itti dabalame akka salphatti ogummaa kana caalatti dagaasuun ni danda’ama. Waan kana ta’eef barumsi iddoo guddaa qaba.

Barumsa keessa kenni dhokate cabuu ni danda’a.

Waan kana ta’eef kenna dhokate barumsaaf dhaakala keessa argachuun waan danda’amuuf barumsa fudhaachuu, sana booda barreessuu shaakaluu brreessuu tarsaasuu barreessuu ammas ammas osoo abdii hin kutin deddeebisanii.

Yaalu kana keessa foyyin guddaafi ogummaamn cimaa argamuu danda’ama. Sana booda maalummaan barreessaa ifa ta’a. barreesaan dhiibbaa rakkoo badhaadha ilma namarraa jiru ibsuudhaan daandii (karaa) kufaatiifi ka’umsa mul’atuufi furmaataa agarsiisuu danda’a. barreessan waan kanaa olitti caqafame hunda fiixaan baasuuf dursee firiwwan bar tapheef maalummaa saanii tolchee beekuu qaba.

FIRIWWAN BARTAPHEE

Bartapheen diriwwaan adda addaa qaba. Isaanis:-

1. Seenaa /Story/
2. Fakkaattii /Character/
3. Sab ta’umsa /plot/
4. Dub- taphee /Dialogue/
5. Fincila /conflict/
6. Yoomeessa /Seeting/
7. Ergaa /Theme/
8. Maal ta’a /Suspense/

1. SEENAA /STORY/

Barreessaan tokko osoo barreessuu hin calqabiin waa’ee maali akka barreessuu beekuu qaba. Seenaansaa akka maal ta’e eessaa ka’ee essa akka gahu (essat akka xumuuru) edda beekee booda gara barreessutti seena. Waa’ee inni barreessu calqabaa hanga xumuratti yoomeessaaf maaltu dhufaan hammatamee Fincill fakkattiwaan jedhutti gochaan raawwatamu cimee tartiibaan fakkaattiin doyyaarratti taphatame kan

ibsamuuf sab ta’umsa /plot/ kan keessaa cuufamudha. Kana ilaalchisee, Wiliyam Archer akkana jedha:-

“Story is anarrative of events arranged in their time sequence it is the sequence in which events occure as of a happing and it is the narrative elements in the dramatic piece from which the plot is developed” jedha.

As gubbatti akka hubannutti seenaan bu’uura tiyaatiraat /bartapheet/ seenaans fakkattiratti hunda’a. Diraamaan seenaa fakkattirrattii hunda’uudhaan barreeffama. Seenaan eessaa calqaba? Barreessan teekinika beekuun fayyadamudhaan iddoo barbaadee ka’uu danda’a barreessaan seenaa maalirraa ka’uu danda’a barreessaan seenaa maalirraa ka’a? seenaan inni barreessuu waanuma isa kakaasuu ta’uu garuu yoo barreessuu calqabuu seenaa, fakkaattu yookaan haala /situation/ ykln yaada/ idea/ irraa ka’uu danda’a waanuma fe’erraa haa ka’uu malee naanna’ee naanna’ee gara seenaatti seena. Waan kana ta’eef seenaan bara taphee barreefamu maal akka ta’e adeemsisaa maal akka fakkaatu eessaa ka’ee eessatti akka xumuuramu dursanii wiixinnachuun baayee barreessa gargaara.

2. FAKKAATTII /CHARACHER/

Bartaphee keessattiin abbaa seenaat jechuun namoota ykn waantoota barreefama sana keessatti argamanidha. Dimishaashumatti fakkattiin bar taphee namoota ykn waantoota qaamaan doyyarratti mul’atanidha. Kana ilaalchisee E.M.Forest akkana jedha:-

“Acharacter is type of personality on the stage”

Fakkaattiin namoota ykn waantoota addunyaa kan gubbaa jiraatan ta’ani barreessan sammuusaantiin buusee baasee kan uumudha. Seenaan bar taphees kan ifoomu fakkattiin barreessan uumeen. Isaanis dimshaashumatti

namoota addunyaa kana gubbaa jiraatan kan bakka bu’an ta’ani bar taphee keessatti qaamaan dhiyaatanii taphatootan lubbuu horatanii seenaa gochaan agarsiisani dawwatoota amansisan dha.

Fakkaattiin qubee barreefame A.B.C dha.

Fakkaatiin amala namaa.

Fakkaattin Namoota ykn waantoota doyyaafi kitaaba keessatti argaman hunda ta’uun danda’u kan jedhan ni jiru.

Kana ilaalchisee Terry Hodgson akkas jedha:-

“Character is aprinted or written letter A.B.C. or other to one nature as shown by ones. A person in book or a play.”

Barreessaan fakkaattisaa gadi fageenyaan qoratee edda beeke /baratee/ booda barreessuu qaba. Keessattuu;

1. Dhaabbii qaama saanii /Fakkattisaa/
2. Yaadi qablbiisaanii
3. Fedhiifi hawwii saanii
4. Amanta saanii
5. Ilaalcha saanii
6. Qabeenya /dinagdee/ saanii
7. Siyaasa isaan hordofan
8. Hojii saanii /Seenaa saanii/
9. Umurii saanii
10. Yaada saaniif sadarkaa barumsa saanii
11. Amala saanii kkf hunda barreessan qoratee hunbatee beekuu qaba.

Barreessan Fakkaatti tokko irra keessa /flat character/ extrovert/ keessaa /Round character/ introvert hubatee beekuu qaba. Barreessan diraama waan

yeroo bayyee hin qabneef Fakkattii qusachuu qaba. Fakkattiin yoo dantan /baayatan/ dawwatoota hubachiisuu /qayyabachisuun/ rakkisaadha. Fakkattiin tokko waan raawwatu hundaaf sababinfi haall quubssaa ta’e jiraachuu /uumamuu qaba.

Ta’uudhaaf ka’uuf seenuuf, bahuuf aruuf gammaduuf dallanuuf kkf sababin amansiisaa ta’e jiraachuun dirqama. Barreessan waa’ee Fakkattii uumee gaafii adda addaa kallattii adda addaattin kaasuu qaba. Fakeenyaaf, Fakkattii dubarttii tokko kan barreeddu/uumu/ yoo ta’e. Fakkaatti ishii wajjin jiran isa guddaas ta’a xinnaa (protagonist ana antagonist) seenaaf sabta’umsa fincilaaf falmii ciminaan isaa jidduutti (walakkatti) ka’uuf ibsuu qaba sana booda dubartiin kun;

1. Waggaan /umurinsh meeqa?
2. Warrashi jireenya akkamii jiraatu?
3. Akkam barreedde/Midhagddi/?
4. Sabnshi maal?
5. Amantaanshii maal?
6. Sadarkaan barumsaafi gost barumshii maal?
7. Hoinshi maal
8. Sadarkaan barumsaafi barumsishii maali?
9. Fedhiif hawwinshi maal?
10. Maal jaalatti? Maal Jibitti? Kkf gaafatee deebii argachuudhaan fincila jiru cimse tokkumaaf adda addumaa fakkattiiwwan jidduu jiru baruudhaan seensuun osoo hint a’in gochaan agarsiisuun, haala amansiisaaf qusannaan barreessuun gaariidha.

3. SABATA’UMSA /PLOT/

Sab ta’umsa jechuun sababaaf ta’uumsa /cause and effect/ jedhuudha.

Seenaa keessattis ta’e gocha cicittuu keessatti waant raawwatamu (ta’u) maaliif akka ta’eef waant raawwatame maal ta’e (fide) sababa quubsaa/amansiisaa tartiibaan haala waxaxaan qindaayee kan dhiyaatu sabta’umsa jedhama.

S.T. Seenaa bar taphee keessatti maalif kun ta’e jedhee sababasaa kan ibsuufi sababasafi deebii quubsaa ta’e kan kennudha. Sambta’umssi calqaba jidduuf xumuura qabaatee gochi ciccituun sababaan qindaana qindaaye kan ibsamu dha.

Fakkeenya gocha ciituu:-

1. Mootiin du’e giifitins duute
2. Allattiin abarare buqqeens cabe
3. Nammoon makinaa yaabbatan kaanas laga bulan kkf. Fakkeenya sadanuu keessatti sababaafi ta’umsa hin mul’atu seenaan.

Walxaxee sababaan wal hin qabane garuu gochi ciccituu kan akka mootiin du’e Giiftiin duute, Allattiin abarare

Buqqeen cabee Namoon makinaa yaabbataaniifi kaan lafa bulan ni jiru. Sababa qabsa ta’een yoo wal qabachifnu.

Fakkeenya 1ffaa Mootiin haatii manasaasni kan baayee jaalatan waan tas du’aniifi gaddii guddaan itti dhaga’amee arani sanaan du’an.

Fakkeenyaa 2ffaa Allaattiin buqqee qabattee osoo abararttuu buqqeen tasa harka bu’e cabe.

fakeenya 3ffaa Namoon mana sanitti galuuf makinaa yaabbatanii osoo deemani karraatti makinaa waan midhameef warri mannisaani fagoo ta’e galuu dadhabani laga bulan.

Fakkeenyi:- sadannuu amma sabta’umsa qaba saba’umssa kun calqaba gudda’uufi xumura qaba.

Sadarkaa calqabaa keessatti ijoon seenaa dursee kan iftoomu (ifa ta’u) /exposition/ kan ta’udha. Sadarkaa kana keessatti fakkattiwwan dawwatootaa kan wal baranifi fincilli eegalmuuf bu’uursaa lafa kaa’ame sadarkaa 2ffaa (jiddutti(kan ce’unfi sammuu dawwatootaa harkisuudhan seenaa gochaan mul’isa.

SADARKKAA 2FFAA /GIDDUU/

Seenaa gochafi fincilaan sadarkaa duratti mul’achuu calqabe iddoo itti cimuufi fallaanif wal xaxinsi gaafin sadarkkaa 1ffaa keessatti ka’e deebii argachuu (beekamuu) calqabufi iddoo guddaa qaqqabudha.

Sadarkaa 3ffaa/xumura/ sadarkaa 2ffaa kaasee hanga xumuraatti /Resolution/ kan jirrudha. Seenawwan sadarkaa tokkoffaa keessatti ijoonsaa mulate sadakaa lammaffaa keessatti cimee seenaan walxaxee fincilli iddoo guddaa qaqqabe maal ta’an dawwatoota sammuu booj’e gojomaasise giituutti hiikaa iddoo itti argatuudha.

4. DUB TAPHEE /DIALOGUE/

Dub – dubbii taphee – tapha

Dub tapheen dubbii fakkaattiwwan lamaafi sanaa ol ta’an doyyarratti walirraa fuudhuudhaan dubbatanidha.

Diramaa keessatti dub tapheen dhaabaafi dagalee ta’eetu tajaajila guddaa kenna. Seenaan bar taphee kan ibsamu dub taphee arrraba fakkattiwwanin dubbatamuun. Waan kana ta’eef dub taphee jachoota olka’anin midhagee gabaabinaan ibsamuun gurra dawwatootaa harkisuu qaba. Diraamaa keessatti seenessuudhaaf sa’aa sadii keessatti yeroo waan hin qabaaneef dub taphee qusatamaa gochaan deegarameen akka dawwatootaa ifa ta’utti

barreessuun /dhiyeessuun/ barbaachisaadha. Kana malees jechoota nama nuffisisan /ifachisan/ dedeebisee dhimma bahuu hin qabu. Qusannaa yeroo ilaalchisee ogessa dirama kan ta’e Robert B.Heil man akkan jedha.

“Everyone knows that in drama there is little or no place for “Description” or for other comment made directly by the author: that the work consists almost entirely of words spoken directly by the charcters is of dialogue”

Dubtapheen dubbatamu dhugaan kan fakkattiin dubbatu ta’e nama amansisu qaba. Kana malees diimshaashumatti dub tapheen kan ta’uu qabu.

1. Dub taphee qusatamee
2. Dawwatootaaf ifa’e akka salphatti kan galuuf
3. Gurra harkisee sammuu kan booji’u
4. Jechoota olka’anin midhaguu qabu
5. Odeeffannoo barbaachisaa ta’an qofa ibsu;
6. Kan afaan fakkaattitin dubbataman ta’u qabu
7. Jechoota deddeebiani hin dubbatamine
8. Kan qabatamaan nama amnsiisaan
9. Adeemsa seenaa garafuulduratti kan tarkanfachisaan
10. Gochaan kan hammataman kkf ta’uu qabu.

Gabaabinumatti dub tapheen calqabaa hanga xumuratti akka sarara xilfii hodhaa gabaabbatee qarooma dandeettii barreessatiin midhagee dhiyaachuu qaba.

Kana ilaalchisee Galworthy waanjedhu.

“From start to finish good diralgue is hand made like good loco clear of afin of texture furthering with each thread the harmony and strength of adesign to which all must be subordinated” jedha.

Dub tapheen fakkattii tokkons yeroon dubbatamuu ni jira. Fakkeenyaaf fakkattin tokko cinaatti/ aside/ yeroo dubbatu enna gungumu/ sololoqwu/ fi kophatti /monologue/ yeroo dubbatamu ni jira.

5. FINCILA /CONFLICT/

Fincilli falmii fakkatti lamaan jiddutis ta’ee sammuu fakkatti tokkoo keessatti mu’atu dha. Fincill fakkattiwwan diraamaa keessatti qooda fudhatan jedhutti falmii walitti bu’insaf mufii jibba uumamee booda keessa cimee gochaan mul’atudha. Diraamaa keessatti fincilli maal ta’umsaan cimee sammuu daawwatootaa takaalee qabuufi fincilla cimaan sab ta’ussafi seenaan walxaxee gochaan akka guddatu godhun barbaachisadha.

Fakkattiwwan fedhiif hawwii saanii fiixaan baafachuuf carraaqqii guddaa yoo godhan fincilli hammaachaa dhufa. Rakkoof gufuu guddaa isaan gubbaa qaqqabee (qunnamee) kana keessaa bahuuf qabsoo cimaa hoggaa deemsisan fincilli cimaa mul’ata.

Fakkaattin tokko – Waaqa isa uume wajjiin

- Fakkattii biraa wajjiin
- Hawaasa wajjin
- Naannoosaa wajjin
- Mataasaa wajjiin
- Ilaalcha adda addaa wajjiin
- Amantaa wajjin
- Sammuusaa wajjiin kkf.

Wajjinin fincilla uuma. Barreessaanis fincila kana fakkattisaatti dhimma bahee ibsuu qabu. Fincillii cimee yoo dhiyaachuu baate daawwatoota harkisuu dadhaba.

Barreessaa bara taphee dansa ta’e barreessuuf, fakkaatiin inni uumu rakkoon akkamii akka irra qaqabuufi akkamitti rakkoo kana keessa bahuuf tattaafifi gochu.

Dursee seenaa barreessu sana keessatti karoorafachuu qaba. Sana booda fakkattiin kun waan barbaade argachuuf qabsoo /wal’ansoo/ inni yaadan qaamaan kufe ka’ee falmii fakkattiiwaan kaan wajjiin godhu agarsiisuudhaan dawwatootan haala fakkattiin mo’amee kufufi mo’atee ka’u ijaan gocha raawwtamu agarsisuudha barbaachisafi cimina fincillaa ilaalchisee ogeessaa diramaa kana ta’e Terry hagson.

“Conflict is essential to drama. The stronger the conflict the stronger the interst, the stronger the audience to resolve the conflict”

Kun eegaa gabaabinatti fincilli hangam bar taphee keessatti cimu qabufi barbaachisaa ta’e nu agarsiisa.

6. YOOMESSA /SETING/

Yoom – essaa jechudha.

Diraama /bar taphee/ tokko keessatti seenaan gochaan mul’atee seenssamuu yoomifi essatti akka rawwatame kan ibsuu (agarsiisuu) dha. Yoom kan jedhu seenaa sun jaarraa ykn guyyaa waggaa /bara/ ji’a, turban, sa’aa daqiiqaa kkf keessatti yeroo raawwate (ta’e) kan agarsiisuu yoot a’u eessa kan jedhuf biyyooleessa naannoo, godina, aanaa, ganda magaalaa, ala mana laga, manaciisaa mana nyaachaa, gola kkf agarsiisaa.

Yoomeessi sabta’umsa wajjin walqabatee fakkattiwwan eessa akka dhufan eessa akka jiraatan, doyyaarrattis ennaa bahanifi bu’an /galan/ akkasumas boqonnaafi argamawwan jiran kan ibsu dha.

7. ERGAA /THEME/

Gabaabinaan bar taphee keessatti barreessan yaada barumsa ergaa daawwatootaa dabarsuudha. Dimshaashumatti ergaan adeemsaa seenaafi sabta’umsaa keessatti gocha fakkattin raawwtaniifi fincilli godhamurraa ka’ee xumurarratti dawwatoon ergaa/barumsa/ sammuttu qabatani bahanidha.

MATA DUREE TAPHEEF MAQAA FAKKATTII MOGGAASUU.

Maqaan bar taphee haguggii uffatee cinaan ergaa bara taphee wajjin kan wal qabate yoo ta’e danssa. Barreessan tokko tokkoo maqaa fakkattitin mata duree moggaasu tokko tokko immoo amala fakkatti saaniin moggaasu. Fakkeenyaaf fakkaattin nama goota yoo ta’e Leencoo jigisaa, Korma Kannisee nama dheera yoo ta’e. Barbirsoo Tulluu kkf jedhan moggaasu. Hanga danda’ametti maqaan fakkatti malaafi gochaasaani osoo ibsu baatee gaariidha.

MAAL TA’AA/SUSPENSE/

Adeemsa seenaaf sab ta’umsaa keessatti fincill fakkattiwwan jiddutti cimee maaltu dhufa, dhalata, jedhan dawwatoon yoo gojoma’an dooyyaa nu gubbatti waan raawwatamu gammachuudhaan hordofu icitiin tokko tokko dawwatootaaf ifa ta’ee fakkattiifi yoo ifa ta’uu baate akkamitti fakkattin kun icciitin kana dhumarratti beekuu danda’a? Maal ta’a jedhanii yeroo cinqaman tiyaatira hordofuu danda’u. maala ta’aan /maaltu dhufaan yoo jiraachuu baate dawwatootaf ifachiiseetu hanga xumuratti eeguu dhiisanii bahu danda’u. waan kana ta’eef barreessan maal ta’aa eegee cimssee barreessuutu irraa eegama.

BOQONNAAFI ARGAMA /ACT AND SCENE

Bar taphee iddoo tokko ka’ee iddoo itti boqotu qaba. Kun boqonnaa yoo ta’u inni guutummu qaba. Kutaa /boqonnaa/ kana keessattis gegeddarama iddoo ykn yerootu mul’ata. Kana malees dawwatootas iddo itti argalfachisanii dha. Yeroo boqonnaa golgaan cufamuudhaan doyyaarratti gegeeddarramin /jijjiramini/ barbaachisu teekiniki dooyyatin taasifama. Tiyaatiraa guddaa keessatti boqonnaan yoo xinnaate 2 yoo baayyaatee 3 caaluu hin barbaachisu. Boqonnaa keessatti yeroo gabaabaafi geeddaramin xinxinnaan ni mul’ata. Kana malees fakkattiin adda addaa yeroo seenaniifi yeroo bahan geddarri godhamu argam /seena / jedhama. Argamas argasisuufi ibsaatti dhimma bahuun dansa.

GOSA BAR TAPHEE/DIRAAMAA/

Yeroo ammaa gosa diramaa baayeetu jira. Haa ta’u malee yeroo bayyee doyyaarratti dursani kan beekamanifi kan mul’atan /maqaan saani kanaaf waamamu afurtu jiru.

Isaanis:-

1. Tiraajedii
2. Komeedii
3. Qosee /Force/Raajee/Meeloo diraama dha.

Tiraajediin dur dhaloota kirstoos fuuldura eegalamee beekameera. Tiraajediin seenaan irratti hunda’u guddarratti ta’e dukkana malee ifitti waant nama gammachisu keessatti hin mul’atu. Diraamaan nama gaddisiisu hundi tiraajediidha jechuun dhugarraa nu jallisa. Taraajedii keessatti fakkattin inni uummeen /guddaan dogoggora uumee rakkoofi cinqii kana cinqii keessaa hin baane keessa galee takalamee yoo kufu dawwatoonis rakkoosaa kana yaadaan /coraan/ hirmataa dabarsee kenna/. Waan kana ta’e barreessan kan hubachuun dirqamasatti.

KOMEDII

Komeedii dawwatoota biratti dukkana osoo hin ta’in ifa mul’isa kolfa, gammachuu, basha coraa namaa keessatti uumee barusma cimaa dabarsa.

Fakkattiin innummees akka tiraajedii rakkoo ofii uume keessa galee yoo taka lamu osoo hin ta’in karaa qajeelaara deemuudhaan yoo kufu osoo hin ta’in yoo ka’u argama waan kana ta’ef barreessan kana hunda xiinxalee barreessutu isarraa eegama.

QOOSEE /FARCE/

Qooseen akkuma maqaansaa ibsu bara taphee /diraamaa/ qoosaan itti baayatedha. Bar taphee kana keessatti sabta’umsa, fincila jiruuf seera bara taphee eeguu, barumsa cimaa dabarsuufi baayee yaaduun hin mul’atu. Kan cimee mul’atu kolfan bashaannana qoossan daawwatoota gammachisani bashannanisuudha.

Rakkoo cinqii kana jedhamu fakkatti inni uumeerra gahee dawwatoon wajjin rakkachuu kan jedhamu siruma hin mul’atu.

RAAJEE /MELOO/ DIRAMAA

Diraamaan kun akkuma Tiraajedii dura coraa dukkanaan, cinqiin guutamee fakkattiin rakkoo cinqii keessa yoo galu argama. Booda keessa garuu haala amansiisaa hin taanen raajiidhaan rakkoo seene keessaa yoo bahu argama. Kun maaliifi ta’e gaafii jedhufi deebii kennuufi hin rakkatu. Garuu Tiraajediifi komeedii keessatti kun maaliif kan jedhuuf deebii quubsa/amansiisaa/ ta’etu kennama. Raajee keessatti sababaafi ta’umsaa dhugaafi barumsa kan jedhuufi guddaa yaadun hin mulatu.

YAADA BARREESSAA HAARAA GARAARA

1. Dursee waa’ee maali akka barreessu baruu.
2. Eaa’ee seenaa barreessuu gabaabsee ifaan dhiyeessuu.
3. Fakkattiwwansaa gadi fageenyeen qoratee baruu.
4. Wal – qunnamttii fakkattiiwwan jiran ibsuu /baruu/
5. Yoomeessa adeemsuu.
6. Boqoonnaafi argama meeqa akka qabu dursee beeku
7. Gosa diraamaa beekuun seera saani hordofu
8. Haala /waan/ sabata’umsaafi fincila cimsuu ilaaluu.
9. Dub taphee hifachisaa/nuffsiisaa/ hambisuu maal akka gonnu hubachuu.
10. Mata duree moggaasuu kiniiniifi kan kana fakkatan barreessan dursee irratti yaadu qaba edda qabxiwwan kana lafa kaawwatee booda boqonnaa 1ffaa argama, 1ffaa jedhee yoolddoon itti caqabu mana keessa ta’e waan amana keessa jiran gabaabinaan adeemisisuu sana booda golgaan yoosaaqamu jedhu jalqabuudha.

Sana booda gadifageenyaan osoo hin ta’in cuunfee gingilchee gabaasee qabxii waa’ee barreessuu lafa kaa’uu sana booda xumurame/golgaan cunfame/ jechuudhaan deebisanii dadeebisanii yaaludha. Barreessan tokko yoo barreessuu dhugaafi midhaga gubbatti, malee qarshiifi holoo hin taane akka harree ofitti fe’uu hin qabu. Kan inni ilaaluu qabu uummata keessa jiraate rakkoofi gammachuusanii qofa ta’uutuu barbaachisa.

RAKKOO BARREESSON HAARAA QABAN

1. Gosa bar taphee filatanirraa jallachuu dura Tiraajedii barreessuu calqabee jeddutti gar komeediitti deebi'u /tirajediin/ xumuuruu komediin calqabee tiraajediin xumuuru.
2. Dhimma humna ol ta'e kaasuu /calqabuu/ bar keessatti yaada fiixaan baasuu hin dandeenye kaasuudhaan waan baayye buusee baasuudhaan edda adeemee booda xumuruun kan rakkisuu gara yaada cimaa hin tanetti seenuu.
3. Amanama – Waan daawwatoota hin amansiifineefi hin harkisne kaasuu yaaluu.

4. BAHUMSAAFI FALIINSSA FAKKATTIRATTI TEEKINIKA WALLALUU.

Fakkattiin gardoyyatti yoo galufi /seenufi/ yoo bahu sababaa qubsaa ta'e kennuu dhiisuufi yoo gadibahuuf deebi'u yeroo hanga akka fudhatu tilmaamuu dhiisuu/ wallaaluu/

5. Fakkattii barbaachisa ta'an dhiisani seenaa bar tapheef /diraamaaf/ ciminaan kan hin fayyaden galchuu.
6. Dub taphee yeroo baayee jechoota dhimma itti bahan qusachuu wallaalufi jechoota ifa hin taane fi nuffisiisaa /ifachisa/ dedeebisan dhimma bahu.
7. Boqonnaafi argama Qoodurratti.
   Seenaan bar taphee iddoo geddarama boqonnaafi argama hin barbaachisnetti kaa'uu iddoo barbaachisuttimmoo dhiisuu/wallaaluu/
8. Haala mata dureenifi maqaan fakkaattii moggaafaman hubachuu dhiisuu.
9. Fakkaatti muummeefi ilaalcha guddaa kennuu dhiisuudhaan fakkaatti warra jala jiranirratti yeroo gubuu.

10. Seenessu bar taphee /diraamaa/ gochaan agarsiisuu dhiisuudhaan akka asoosamaa akkana ta’e akkas ta’e jedhani barreessu/ seeneessuu/
11. Irra deddeebi’uu – Jechoota murta’aniif olka’aniin essnaa bar taphee gara fulduratti adeemsisan dhisuudhaan jechoota walfakkatanin dubbachuudhaan naanna’an kaasuu
12. Himoota dheera cinaafi /aside/ gungummii baayisuu, takka barbaachisaa yoo ta’aniyyuu hanga nama nuffisisutti /hifachisutti/ dhimma bahuu
13. Seenaa duraa /calqabarraa/ ka’uun hanga dhummaatti waanjiru hunda barreessuu yaaluu. Waa’ee waan tokko harkisani keessaa fuudhuu dhiisuudhaan seenaasaa dhalootaa kaasee hanga du’utti bal’inaan barreesssuu yaaluu.
14. Seenaa haala nama hin amansiifineenni xumuuruu
15. Tokkummaa sadanii eeguu irraanfachuu yeroo, iddoofi gocha tokkummaani ibsu dadhabbuu kkf.

Barreessan haaraa rakkoowwan waan kanaa olitti caqasamanifi qoramaata jiran tolchee yoo hubate bar tapheen gaarii cimaa ta’e barreessuu ni danda’a.

Qophessaa n manuwaalii kanaa

Diimaa Aberraa 1987

BABO finfnnee